

**XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII AFWALALOO DEESSUU: HAALA GODINA  
JIMMAA AANAA OOMOO NAADDAA**

**FAKRIYYAA HAJITAAJUU A/FIIXAA**

**YUUNIVARSITI JIMMAA KOLLEEJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAATTI  
MUUMMEE AFAAN OROMOO FI OGBARRUU**

**MUDDEE , 2015/ 2022**

**JIMMAA , OROMIYAA**

**XIINXALA ITTI FAYYADAMA AFAANII AFWALALOO DEESSUU:HAALA GODINA  
JIMMAA AANAA OOMOO NAADDAA**

QORATTUUN: FAKRIYYAA HAJITAAJU A/FIIXAA

GORSITUUN: IRISTEE AKKAWAAQ(MA)

GORSAA GARGAARAA: TAAYYEE GUDDATAA(PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA)AFAAN OROMOOFI OGBARRUU  
BARSISUUGAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE YUUNIVARSITII JIMMAA  
KOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAA FI NAMOOMAA MUUMMEE AFAAN OROMOOFI  
OGBARRUUF DHIYAATE.

**MUDDEE , 2015/ 2022**

**JIMMAA , OROMIYAA**

## Yuunivarsitii Jimmaa

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digrii Lammaffa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Ittiin Guuttachuuf Fakriyyaa HajiTaajuu A/Fiixaatiin, Mataduree: *“Xiinxala Itti Fayyadama Afaanii Afwalaloo Deessuu : Haala Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa”* Jedhurratti Qophaa’ee Adeemsa Barbaachisu Guutee Kan dhiyaateedha.

## Koree Qormaataa

Qoraa Alaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Qoraa keessaa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsituu \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

Gorsaa gargaaraa \_\_\_\_\_ Mallattoo \_\_\_\_\_ Guyyaa \_\_\_\_\_

---

**Dura Taa’aa Muummee Yookiin Qindeessaa Sagantaa Digrii Lammaffaa (MA)**

## **Galata**

Hunda dura Rabbi inni fayyaa naaf kennee haala hundumaa keessatti na gargaaree kanaan nagahe haa galatoomu. Itti aansuun, qorannoo kana milkeessuuf deeggarsa barbaachisu hunda kan naaf godhan gorsitoota koo Iristee Akkawaaq fi Dr. Taayyee Guddataa guddaan galateeffadha. Itti aansuun, yeroo hunda yaadaa naa kennuun akka ani qorannoo kana fiixaan baafadhuuf deeggarsa gama hundaa waan naa taasiseef abbaa manaa koo Seefuu A/Firaa guddaan galateeffadha. Akkasumas, maatii koofi obboloota koo yeroo rakkisaa keessatti yaadaanis haata'uu qarshiidhaan kan na deeggaraa turan hundaafuu galanni koo daangaa hinqabu. Dabalataanis, hoggantoota mana barumsaa Asandaboo sadarkaa lammaffaa qorannoo kana akkan galmaan gahuuf wayiitii hojii koo kanneen naaf mijeessan hundaaf galanni koo guddaadha.

Namoota kitaabolee garaa garaafi meeshaalee barreeffamaa naa ergisuun deeggarsa naa godhan, muummeefi Wajjira Barnoota Aanaa Oomoo Naadaa, hojjetoota Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Aanaa Oomoo Naadaa keessa hojjetan guddaa galatoomaan jedha. Dhumarrattis, haadholii afgaaffii dhiyeesseefii yaada naaf laatan, walumaagalatti, namoonni fiixa bahiinsa qorannoo kanaaf qooda qaban hundi isaanii haa galatooman.

## **Axereera**

*Mata-dureen qorannoo kanaa, “Xiinxala itti fayyadama afaanii afwalaloo deessuu haala Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa”kan jedhu yemmuu ta’u, Qorattuun qorannoowwan mata duree kanaan walqabatiinsa qaban garaa garaa wayita dubbistetti qorannoon kallattiin mata duree kana irratti hojjetame waan hin jirreef, mata duree kana irratti qorannoo akka gegeessituuf qorattuu kakaaseera. Dabalataan, yeroo ammaa kana Afoolatti gargaaramuun laafaa, harca’aafi badaa deemaa jira malee guddachaa hin jiru. Kunis sababoota dhiibbaa amantii, dhiibbaa siyaasaafi qaroominaan wal qabsiisuu irraan kan ka’e xiyyeeffannoo dhabuun afoolliifi aadaan uummata kanaa akka hin qoratamne waan dhorkamee tureef dagatamaa jira. Gariin ammoo badeetu jira. Aadaan kun yoo hafe, seenaan uummata Oromootis keessatti hafa waan ta’eef afoola kana deebisuufi tursiisuuf, kanneen dagataman yaadachiisuufi badiirraa hambisuuf qorannoo kana akka irratti hojjetu qorattuu kakaaseera. kaayyoon qorannoo kanaa immoo fayyadama afaanii afwaaloo da’umsarratti hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naddaa dhimma bahaa jiru xiinxaluu dha. Kaayyoo kana galmaan ga’uuf madda ragaa tokkoffaa fi mala akkamtaatti gargaaramuun ragaan funaanamee jira. Mala Iddatteessuu akkaayyoofi darbaa dabarsaa fayyadamuun jaartoliifi dubartoota umurii giddu-galeessaa ta’an filachuun ragaa kennuu keessatti hirmaachifamanii jiru. Kana irraa afgaaffii hincaaseffamneefi marii garee xiyyeeffannoottiin ragaaleen funaanamee jira. Qorannichis, yaaxxina tajaajilaa fi yaaxxina haalawaa(Contextual)kan bu’uureffatee gageeffameedha. Haaluma kanaan, qorannoon gaggeeffame kunis, namoonni fayyadama afaanii afwalaloo da’umsa dura, yeroo da’umsaa, da’umsa boodafi eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti fayyadama afaanii afwalaloo isaan itti gargaaraman duraaduubaan xiinxalameera. Argannoon qorannoo kanaa akka agarsiisutti, Hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa afwalalootti gargaaramee hamilee dubartii dubara deessee fi ilma dhiiraa deessee kan jajjabeessuufi kan faarsu ta’us, itti fayyadamni isaa sababoota kanneen akka dhiibbaa amantii, dhiibbaa siyaasaafi qaroomina irraa kan ka’e gadi bu’aadha. Akkasumas, Itti fayyadamni afwalaloo deessuu da’umsa irratti deessuu ittiin faarsuuf qofa kan tajaajilu osoo hin taane, dhalli argames/tes faayidaa inni/isheen deessuuf argamsiiftu mul’isuuf illee kanneen faarfaman jiraachuu isaa qorannoo kanaan bira gahameera. yeroo ammaa kana fayyadama afaanii afwalaloo deessuu da’umsa irratti itti gargaaraman namoota umurii giddugaleessaa biratti dagatamaa kan dhufeefi aadaafi amantaan akka waan waldhiibuutti fudhachuun ammo ilaalcha hawaasichaa yemmuu ta’u, qorattoonni seenaafi aadaa akkasumas, waajjirri Aadaa fi Tuurizimii Aanichaa yeroo yerootti hubannoon osoo hawaasaaf kennamee gaarii ta’a kan jedhu immoo yaboo(yaada furmaataa) keessatti tarreeffameera.*

## BAAFATA

### Qabiyyee

### Fuula

Galata .....	i
<i>Axereera</i> .....	ii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA .....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa .....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa .....	3
1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa .....	4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo .....	4
1.3.2. Kaayyoo Gooree .....	5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa .....	5
1.5. Daangaa Qorannichaa .....	6
1.6. Hanqina Qorannichaa .....	6
1.7. Ibsa naannoo Qorannichaa .....	6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII .....	8
2.1. Maalummaa Fookloorii .....	8
2.1.1. Gosoota Fookiloorii .....	9
2.1.1.1 Afoola .....	9
2.1.1.2. Amaloota Afoolaa .....	10
2.1.1.3. Faayidaa Afoolaa .....	12
2.1.1.4. Gosoota Afoolaa .....	13
2.1.1.4.1. Af-walaloo .....	13
2.1.1.4.1.1. Goroowwan Af-walaloo .....	14
2.1.1.4.1.2. Faaruu .....	14
2.1.1.4.1.2.1. Faayidaa Faaruu .....	15

2.2. Faayidaa Afaanii .....	16
2.3. Fayyadama Afaanii .....	17
2.3.1. Malleen Dubbii .....	19
2.3.2. Jechamoota (Idoms).....	21
2.4. Eenyummaa (Identity) .....	21
2.5. Sakatta'a Qorannoowwan Wal fakkii .....	22
2.6. Yaad-xina Qorannichaa .....	23
<b>BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHAA .....</b>	<b>25</b>
3.1. Saxaxa qorannichaa .....	25
3.2. Gosa Qorannichaa.....	25
3.3. Madda Raga .....	25
3.4. Iddattoo fi Mala Iddatteessuu .....	26
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee .....	26
3.5.1. Afgaaffii.....	27
3.5.2. Marii Garee Xiyyeeffatama .....	27
3.6. Mala QaaccessaRagaalee .....	28
3.7. Qindoomina Qabiyyee Qorannichaa.....	28
3.8. Naamusa Qorannichaa .....	28
<b>BOQONNA AFUR: IBSAA FI QAACCESSA RAGAALEE.....</b>	<b>30</b>
4.1. Itti Fayyadama Afaanii afwalaloo Da'umsarratti .....	30
4.1.1 Fayyadama Afaanii Afwalaloo Deessuu Da'umsa Duraa .....	30
4.1.2 Faayyadama Afaanii Afwalaloo Yeroo Da'umsaa .....	30
4.1.2.1 Deessuuf Kadhachuu Keessatti.....	31
4.1.3. Fayyadama Afaanii Afwalaloo Da'umsa Booda .....	33
4.2. Itti Fayyadama Afaanii Afwalaloo Eenyummaa Deessuu Mul'isan.....	37

4.3. Faaruwwan Da’umsaa Faayidaa Daa’ima Argachuun Qabu Agarsiisan .....	42
4.4. Itti Fayyadama Afaanii Afwalaloo Dubaartii Ilmoo Dhabdeef Jedhamu .....	44
4.5. Itti fayyadama afaanii fi Haalawwaan dubbii afwalaloo deessuu keessatti .....	47
4.5.1 Akkasaa .....	47
4.5.2. Bakkasaa .....	48
4.5.3. Hinjirree dubbisuu .....	49
4.5.4. Jechama .....	50
BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA .....	53
5.1 Guduunfaa Qorannichaa .....	53
5.2 Argannoo Qorannichaa .....	53
5.3 Yaboo(Yaada Furmaataa) Qorannichaa .....	55
Wabiilee(References).....	56
Dabalee “A” .....	60
Dabalee “B” .....	62
Dabalee “C” .....	63
Dabalee “D” .....	64
Dabalee “E” .....	65



## **BOQONNAA TOKKO: SEENSA**

### **1.1.Seenduubee Qorannichaa**

Dhalli namaa haala garagaraatiin afaanitti fayyadama. Haala fayyadama afaanii kanas kan murteessu haala jiruufi jireenya hawaasaati. Kun immoo dirreewwan qorannoo garagaraatiif xiyyeeffannoo kaa'a. Yaada kana ilaalchisee Clark (1996, f. 381) yoo ibsu, "Language in use creatively brings together, for the first time, perspectives from cognitive linguistics, language acquisition, discourse analysis and linguistic anthropology. It also addresses issues of language use and creation of social identity," jedha. Akka yaada kanaatti, itti fayyadamni afaanii dhimmoota xiinqooqaa, afaan barachuu, haasbarruu xiinxala haala dubbii, xiinqooqa xiin-aadaa, akkasumas, eenyummaa hawaasummaa uumuu waliin walqabata. Dirreewwan qo'annoo kun hawaasni afaanitti fayyadamuun maal akka hojjetu qo'atu.

Fayyadamni afaanii ibsiituu hawaasa ta'uusaa ni beekama. Kun immoo aadaa, duudhaa, safuu, koorniyaa, eenyummaa saba tokko ittiin ibsachuuf akka fayyadu beekamaa dha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Sumner(1997), Labov(1972) waabeeffachuun ibseera. Kunis, itti fayyadamni afaanii haala sadarkaa hawaasafi amala hawaasa calaqqisisa. Haaluma wal-fakkaatuun itti fayyadama afaanii walitti dufeenya hawaasni waliin qabu kan agarsiisudha. Faayyadamni afaanii adeemsa nama dhuunfaafi hawaasa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee itti fayyadama afaanii haala hawaasa keessatti beekumsa gahaa afaanichaa giddu galeeffachuu qaba. Yaada kana ilaalchisee, Halliday (1994, f. 233) yoo ibsu "Language in use as a variety of setting." jechuun lafa kaa'eera. Akka yaada kanaatti namoonni haala jiruufi jireenya isaanii keessatti afaan tajaajila addaddatiif kan itti gargaaramaniidha. Dhimma kana ilaalchisee, Hudson (1996, f. 230) yoo ibsu, "The social functions of language use are the ways of our relationships to other people." jedha. Akka yaada kana irraa hubanutti, afaan tajaajila hawaasa keessatti karaa yaada keenyaa ittiin ibsannuufi waliin cimsannuudha.

Afaan meeshaa walqunnamtii ilmaan namaa kan ta'eefi namoonni haala garaagaraan akkasumas kan tajaajila adda addaatiif dhimma itti bahuudha. Afaan ilma namaa wantoota akka ilaalcha, gochawwan raawwatamuufi yaada garee walfakkatu adda addaa giddugaleessa godhachuun akka walii galan taasisa. Afaan hawaasa gidduutti walii galtee uumuuf gahee inni qabu olaanaadha. Haaluma kanaan, afaanonni damee adda addaa kan qabaatan yommuu ta'u, Afaan Oromoo damee Afaan Kuush keessaa tokko ta'ee dubbattoota hedduu qaba. Ummanni afaan kana dubbatu bal'ina lafaafi baay'ina saba isaatiin sadarkaa olaanaarra jira (Asafa, 2004, f. 45).

Dhalli namaa guyyaa dhaloota isaatii kaasee beekumsa, safuu, gaddaafi gammachuu, argachuufi dhabuu, jaalalaafi jibba, eenyummaa, amantii, kabajaafi kanneen kana fakkaatan qaba. Duudhaan hawaasaa baratamee jajjabeeffamee deemuu barbaachisaadha. Sabni tokko aadaa, seenaa, duudhaa, faalasama fi ilaalcha mataa isaa qaba. Isaan eeraman kunneen fayadamee maalummaa yookiin eenyummaa isaa ibsata. Uummanni Oromoos kanarra adda miti. Dirribii (2009, f. 349) yoo ibsu, Amantaa, seenaafi aadaan uummata tokkoo wal-qabatanii eenyummaa uummata sanaa waan ibsaniif, siyaas-dinagdee uummata tokkoo ibsuurratti ga'ee guddaa qabu.”jedha.

Namoonni haala galumsa adda addaa keessatti maaliif bifa garaa garaatiin akka dubbatan, afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennu kutaa hawaasaa adda addaa biratti dhamsa akkamii akka qabu beekuuf immoo gaaffilee bu'uuraa xinqooqa hawaasaa kan ta'an eenyutu, eessatti, maaliif, haalaa kam keessatti akka dubbatamu adda baafachuu barbaachisaadha.

Namoonni haala sochii jiruu fi jireenya isaanii irratti hunda'anii fayyadama afaanii kanneen akka: yeroo da'umsaa, mana murtii, mana yaalaa, lafa gabaa, mana amantaa, bakka taphaa, dirree siyaasaafi kanaaf kana kan fakkaatan keessatti haala garaagaraatin fayyadamu. Kanaafuu, itti fayyadamni afaanii walaloo yeroo da'umsaa keessattis gahee guddaa ni qaba. Da'umsi karaa hawaasni jaalala, kabaja, hawwii ijoolleefi deessuuf qabu kanittiin ibsatu, namuusa, duudhaafi safuu shaakaluu qaban kan ittiin barsiisaniidha.

Afwalaloon akaakuuwwan afoolaa keessaa tokko ta'ee, akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda'amu walaloo afaaniin dhiyaatu jechuudha. Afwalaloon hojii nam-uumee muuxannoo fi muudannoo hawaasaa bu'uura godhachuun kan kalaqamuudha. Miidhaginaan, hawwattummaan, sammuutti qalbifamuufi miirratti dhiyaachuun (humna gammachiisuu yookiin gaddisiisuu qabaachuun) beekamaadha. Namoonni bara jireenya isaanii keessatti waan argan, waan dhagahanii fi waan jiraatan irraa afwalaloo kalaqu. Innis, yeedaloo kan qabuu fi afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan darbuudha.

Afwalaloon barwalaloo (written poetry) irraa amala adda isa taasisu ni qaba. Afwalaloon afaaniin dhalootaa gara dhalootaatti kan darbu yemmuu ta'u, qabeenyummaan isaatis kan hawaasaati. Kana malees, afwalaloon yeroofi iddoodhaan akkasumas akkuma ogummaa nama dhiyeessuutiin garaagarummaa (Variation) mul'isuu danda'a. Walaloon barreeffamaa garuu, Ogabarruu barreeffamaa jalatti kan ramadamu yoo ta'u, garaagarummaa hin mul'isu. Abbummaan isaatis kan nama maqaadhaan beekamu tokkooti; mirga abbeentaa (copy right) qaba jechuudha(Alamituu Olee, 2020 , f.27)

Qooddiwwan afwalaloo ilaalchisuun Alamituu Olee, (2020, f.27) yemmuu tarreessitu; geerarsa, faaruu, weedduu, sirba, gungummii, tabaallii, eebba/abaarsaa fi tapha ijoolleeti.”jetti. yaada kana irraa hubachuun kan danda’amu afwalaloon gooroowwan adda addaa qabaachuu isaati.

Akka waliigalaattii, yaadota armaan oliirraa wanti hubatamu, Afwalaloon walaloo afaaniin dhalootaa gara dhalootatti kan daddarbuudha. Afwalaloon da’umsaa immoo faaruu hawaasni deessuu ittiin faarsu yookiin da’umsa waliin walqabatee jedhamu kan ilaallatuudha. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas itti fayyadama afaanii afwalaloo da’umsaa hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa afwalalootti gargaaramee deessuu itti faarsu kan jedhurratti kallattiin kan xiyyeeffatee xiinxalameedha.

## **1.2.Ka’umsa Qorannichaa**

Fayyadamni afaanii wal qunnamtii afaanii keessaa tokko ta’ee fayyidaalee garaagaraa qaba. Kana malees, jiruufi jireenyaa hawaasaa keessatti dhimmi inni hin tuqne hin jiru. Hawaasni jiruufi jireenyaa isaa keessatti waan isa mudatee hunda dubbii afaaniin fayyadaamuun yaada qabu ittiin dabarfata. Fayyadamni afaanii hawaasa waliin walitti dhufeenyaa akka qabaatuu waan taasisuuf gaddas ta’ee gammachuu, jaalalas ta’ee jibba, olkaasuus ta’ee gad-buusuufi kkf, afaaniin fayyadamee yaada isaa ittiin ibsata. Karaalee hawaasni afaanitti gargaaramee yaada isaa waliif ibsu keessa tokko afoola(ogafaani).

Akkuma beekamu afoolli gooroo fookloorii keessaa isa tokko ta’ee dameewwan garaagaraa of jalatti kan qabuudha. Dameewwan afoolaa kana keessaas afwalaloon(faaruu)deessuu isa tokko yoo ta’u, faayidaalee garaagaraa qaba. Afoolli Oromoo madda beekumsaafi kan ittiin haawaasni jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatu ta’uu Esheteen (2007, f.16) yoo ibsu, “Oromo Oral tradition is a store house of knowledge capable of yielding great riches if it is critically studied and properly treated,” jedha. Yaada kanarraa wanti hubatamu afoolli Uummata Oromoo osoo gadi fageenyaan qoratamee kuusaa madda beekumsaa ta’uu isaati. Aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo irratti qorannoo gaggeessuun falaasama, barsiifata, ilaalcha, ogummaafi seenaa hawaasichaa beekuuf ga’ee olaanaa qaba.

Kanumaan walqabatee qorannoon kun itti fayyadama afaanii Afwalaloo deessuu da’umsaa keessatti hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa dhimma itti bahaa jiran xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatee dha. Qorattuun qorannoowwan mata duree kanaan walqabatiinsa qaban garaa garaa wayita dubbistetti qorannoon kallattiin mata duree kana irratti hojjetame waan hin jirreef, mata duree kana irratti qorannoo akka gegeessituuf qorattuu kakaaseera. Fakkeenyaaf, Askaalee (2013) Qaacceessa Kabaja Ayyaanaa : Raawwii fi Qabiyyee Faaruu Sirna Da’umsaa” Birhanee (2010) “Faaruu Dubartoota Da’umsaan booda mana dubartii deessetti faarsan”, Akkasumas, Wubaayyoo Olaanii(2011)“Qaacceessa

Ergaa Faaruu Haadha Deessuu Mul'isan" irratti qorannoo gaggeessanii turan. Qorannoon kiyya immoo "Ittifayyadama afaanii afwalaloo deessuu irratti kan xiyyeeffateedha.

Dabalataan, yeroo ammaa kana Afoolatti gargaaramuun laafaa, harca'aafi badaa deemaa jira malee guddachaa hin jjiru. Kunis sababoota dhiibbaa adda addaa irraan kan ka'e ta'uu mala. Dhiibbaalee kanneen keessaaas dhiibbaa amantii, dhiibbaa siyaasaafi qaroominaan wal qabsiisuu irraan kan ka'e xiyyeeffannoo dhabuun afoolliifi aadaan uummata kanaa akka hin qoratamne waan dhorkamee tureef dagatamaa jira. Gariin ammoo badeetu jira. Afoolli kalaqaafi qaroomina dhalootaa kan ittiin hubannu daawitii aadaa yoo ta'u (Wasanee, 2000, f.5), aadaafi duudhaa laafaafi dagatamaa dhufan keessaa afoolli isa tokkodha. Aadaan kun yoo hafe, seenaan uummata Oromootis keessatti hafa waan ta'eef afoola kana deebisuufi tursiisuuf, kanneen dagataman yaadachiisuufi badiirraa hambisuuf qorannoo kana akka irratti hojjetu qorattuu kakaaseera. Kanaafuu qorannoon kun qoratamee yoo taa'e guddina Afaanii fi ogbarruu keessatti bu'aa guddaa buusuu danda'a. Haaluma kanaan, qorannoon kun itti fayyadama afaanii Afwalaloo deessuu da'umsaa keessatti kanneen akka jechamootaa, eebba, duubbii-qolaa jechoota guyyuu guyyuu kan hin taanee hawaasni itti fayyadamaa jiru xiinxaluudha. Hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa haala jiruufi jireenya guyya guyyaan gaggeessuu keessatti akkaataa itti dhimma bahaa jiruu xiinxaluun gaaffilee bu'uuraa armaan gaditti dhiyaataniif deebii kan kenneedha.

- Itti Faayyadamni haalawwan dubbii afwalaloo deessuu hawaasa Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa maal fakkaata?
- Fayyadamni afaanii Afwalaloo da'umsaa keessatti hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa dhimma itti bahaa jiru eenyuummaa deessuu ijaaruu keessatti gahee akkamii qaba?
- Fayyadama afaanii afwalaloo deessuu keessatti kan hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa hamilee dubartii dubara qofa deessee jajjabeessuuf itti fayyadamu maal fa'i?
- Afwalaloon da'umsaa faayidaa daa'ima argachuun qabu agarsiisan maal fa'adha?

### **1.3.Kaayyoowwan Qorannichaa**

#### **1.3.1. Kaayyoo Gooroo**

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa fayyadama afaanii Afwalaloo deessuu irratti hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa keessatti dhimma bahaa jiru xiinxaluu dha.

### **1.3.2. Kaayyoo Gooree**

Kaayyoon gooree kanaa kanneen armaan gaditti tarreeffamaniidha.

1. Itti Faayyadamni haalawwan dubbii afwalaloo deessuu hawaasa Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa maal akka fakkaatu addeessuu.
2. Itti Fayyadamni afwalaloo deessuu keessatti hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa dhimma itti ba'aa jiru eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti ga'ee inni qabu agarsiisuu.
3. Fayyadama afaanii afwalaloo deessuu keessatti hawaasa Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa biratti hamilee dubartii dubara qofa deessee jaajjabeessuuf jedhamu adda baasuu.
4. Afwalaloowwan da'umsaa faayidaa daa'ima argachuun qabu agarsiisan adda baasuu.

### **1.4.Barbaachisummaa Qorannichaa**

Hawaasni Oromoo durii kaasee aadaafi duudhaa hedduu niqaba. Aadaafi duudhaa isaan qaban keessaa inni tokko yeroo da'umsaati. Yeroon da'umsaa kunis tokkummaa hawaasichaa yookiin haala jiruufi jireenya uummatichaa cimsuu keessatti ga'ee guddaa kan qabuudha. Akkasumas, Sabni Oromoo aadaafi duudhaa qabu tokko kan ittiin calaqqisiisu danda'uufi dhaloota ittaanuuf kan dabarsuudha. Kanaafuu, qorannoon kun itti fayyadama afaanii Afwalaloo yeroo da'umsaa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u, guddina Ogbarruutiif bu'aa guddaa ni buusa jedhamee yaadama. Haaluma kanaan faayidaan isaaas:-

- ❖ Namoota mata duree kanaan walfakkaatu irratti qorannoo gaggeessaniif akka ka'umsaatti fayyaduu danda'a.
- ❖ Hawaasaafis ta'ee qaamolee dhiimmi kun ilaallatu hundaaf bu'aa qorannoo kanaa hubachiisuuf akka madda ragaatti ni fayyada.
- ❖ Dubbistoonni qorannoo kana argatanii dubbisan aadaafi duudhaa hawaasichaa eeganii akkamitti akka gargaaraman sirriitti hubachuu ni danda'u.

### **1.5.Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon kun kan gaggeeffame Naannoo Oromiyaa Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaattii yemmuu ta'u, osoo Aanolee Godinicha keessatti argaman hunda irratti gaggeeffama ta'ee baay'ee gaarii ture. Haata'uu malee, sababa gabaabina yeroo fi baasii guddaa gaafatuuf Aanolee Godina Jimmaatti argaman keessaa Aanaa Oomoo Naadaa irratti kan gegeeffameedha. Gama qabiyyeetiin qorannoon kun, itti fayyadama Afaanii Afwalaloo Da'umsaa xiinxaluu irratti kan daangeffameedha. Kanaafuu, qorannoon kun itti fayyadama afaanii afwalaloo yeroo da'umsaa xiinxaluurratti daangeffamee kan gaggeeffameedha.


### **1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu sadarkaalee adda addaa keessa darbuun kan raawwatamu yemmuu ta'u. Qorannoon kunis, yeroo gaggeeffamu rakkooleen adda addaa mudachuun isaa waan hin oolle. Hanqinoota qorattuu mudatan keessaa tokko qorannoon bal'inaan mataduree kanaan walitti siqan sadarkaa digirii jalqabattis ta'ee, digirii lammaffaatti afwalaloo deessuu irratti kan gaggeeffame dhabamuu isaati. Haata'umalee kanneenuma dhimmoota deessuun walqabataniin qorataman ka'umsa godhachuun rakkoon kun furamuuf yaalamee jira. Rakkoo inni biroo immoo dokimentiin sakatta'amu waajjira aadaa fi tuuriziimii dhabamuu dha. Haa ta'uu malee, tattaaffii qorattuun taasisteen dubartoota waa'ee faaruu deessuu irratti beekumsa qaban irraa, odeeffannoo funaanuun akkasumas mala darbaa dabarsaa fayyadamuun dubartoota faaruu deessuu beekan argachuun odeeffannoon barbaachisaa ta'an funaanamuun qorannoon kun galma ga'ee jira.

### **1.7. Ibsa naannoo Qorannichaa**

Akka ragaan Waajjira Qonnaa Aanaa Oomoo Naaddaa irraa argame agarsiisutti, Aanaan Oomoo Naaddaa Magaalaa guddoo biyyattii kan taate Finfinnee irraa gara lixaatti kiloomeetira dhibba lamaaf sagaltamii afur ( 294km) fagattee argamti. Magaalaa guddoo godinaa kan taate Jimmaa irraa immoo karaa bahatti kiiloomeetira torbaatamii lama ( 72km) fagaattee argamti. Aanaa Oomoo Naaddaa kan dangessan: Karaa bahaatiin Aanaa Sokorruu, karaa lixaatiin Aanaa Manchoo karaa kaabaatiin Aanaa Qarsaa fi Aanaa Nadhii Gibee karaa kibbaatiin Aanaa Oomoo Beeyyaamiin daangeffamtee argamti. Olka'insi lafa ishii meetira dhibba saddeetifi saddeetama (880m) hanga meetira kuma lamaaf dhibba tokkoof sagaltamii sadii gidduu dha. Haalli qilleensa ishee gammoojjii fi badda daree yemmuu taatu, Aanaan Oomoo Naaddaa waggaa keessa ji'oota jahaaf rooba ni argata. Ho'inni qilleensa Aanichaa inni guddaan 25<sup>0</sup>C-30<sup>0</sup>C inni xiqqaan 7<sup>0</sup>C-

15°C. Aanaan Oomoo Naaddaa rooba waggatti giddu galessaan 880-1600 argachuu dandessi. Omishni iddoo sanatti oomishamu kanneen akka: Boqqolloo, Garbuu, Qamadii, Baaqeelaa, Atara, Xaafii, Buna, Barbareefi kanneen kana fakkaatan iddoo sanatti bal'inaan ni oomishamu.



**Kaartaa Aanaa Oomoo Naaddaa**

**(Waajjira Qonnaa Aanichaa irraa kan fudhatame)**

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWAN WALFAKKII

### 2.1. Maalummaa Fookloorii

Akka beektonni hedduun kaa'uuf yaalanitti qabiyyeen fookloorii bal'achuu irraa kan ka'e hiikaa fookloorii dhaabbataa ta'e kan hundi irratti walii gale kaa'uun rakkisaa dha. Jechi afaan Ingiliffaan 'folklore' jedhamu jechoota adda addaa lama irraa kan ijaarameedha. Isaanis: jechoota 'folk' fi 'lore' jedhamaniidha. 'Folk' kan jedhu garee hawwaasa walfakkaatanii kan ilaallatu yemmuu ta'u, 'lore' kan jedhu immoo qabeenya garee hawaasa kanaa kan ilaallatuudha. Kanaaf, fookloorii jechuun qabeenya garee hawaasa tokkoo kan agarsiisu jechuudha. kana jechuun immoo fooklooriin ibsamee taa'ee jira jechuu miti.

Haayyuun fookloorii Dundes jedhamu kitaaba isaa "The Study of Folklore" jedhu keessatti, hiikaa jecha fookloorii salphisee kaa'uuf yaaleera. Akka hayyuun kun jedhutti, jechi 'folk' jedhu hawaasa kamiyyuu waan isaan walfakkeessu irraa ka'uudhaan kanneen gamtaa uuman kamiyyuu ni ilaallata. Wanti isaan tokko godhu kun immoo akka isaan eenyummaa walfakkaatu qabaatan taasisa. Akka inni jedhutti hawaasni eenyummaa wal isaan fakkeessu qabatee jiru kun 'folk' jedhama. Miirri eenyummaa kunis: sabummaa, firooma dhiigaa, hojii, umrii, amantii, koorniyaa k.k f irratti hundaa'a.

Fookloorii jechuun hawaasni tokko aadaa, muuxannoo, falaasama, aartii, amantaa, afaan, uffannaa, nyaataa fi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin eegee dabarsuudha. Haalli inni ittiin dabarsus raawwiidhaan yookiin himimsaan ta'uu danda'a. Kan himimsaan darbu ogafaan jalatti kan ramadamu yoo ta'u, kanneen akka meeshaalee aadaa, uffannaa aadaa, nyaata aadaa fi gochaaleen adda addaa qabatamaan kanneen hojiidhaan yookiin tajaajila isaaniitiin kunuunfamarii dhalootaaf darbaniidha.

Qorannoon fookloorii bara 1770 namoota Grimm Brothers jedhamaniin jaarraa 18ffaa keessa hayyoota fiiloolojii biyya Ingiliziin akka eegalamee ni himama. Jechi 'folklore' jedhu bara 1846 nama biyya Ingilizii William John Thomson jedhamuun akka moggaafame Filee (2016, f. 31) ibsee jira. Sana booda, fookloorii ilaalchisee hayyoonni gara garaa hiika adda addaa itti kennaa turaniiru. Isaan keessaa Dan-Ben Amos, (1982, f. 430) yemmu ibsu, "Folklore is aspher of interaction amirror of culture, apperspective screen of personality" jechuudhaan ibsa. Yaanni hayyuu kanaa fooklooriin walquunnamsiiftuu hawaasaa, ibsituu aadaafi eenyummaa akka ta'e



addeessa. Kanarraa ka'uun afoolli eenyummaafi maalummaa aadaa hawaasaa waliin hidhata guddaa akka qabu hubachuun ni danda'ama.

### **2.1.1. Gosoota Fookiloorii**

Fooklooriin gosa meeqa akka qabu beektoonni yaada mataa isaanii ni kaa'u. Kanas amala dhuunfaafi hiika/ibsa/ fooklooriin qabu irraa ka'uun fookloorii bakka hedduutti qoodu. Dorson (1972, ff. 1-2) fookloorii bakka afuritti qoodee dhiyeese. Isaanis afoola, wanta aadaa, duudhaa hawaasaafi artii sochii qaamaa jechuun kaa'a. kanneen bakka gurguddoo afuritti goodaman kunis of jalatti qoqqoodii xixiqqoo biraa akka qaban dubbata. Fakkeenyaaf afoolli af walaloo, durdurii, mammaaksa, af-seenaa, hibboo, geerarsa, faaruu looniifi k.k.f. dudhaan hawaasaa immoo qorichaa aadaa, jilawwaan bashannanaafi taphoota, amantaalee duudhaa fa'a hammatanii argamu. Wanta aadaa jalatti immoo meeshaalee aadaa, ogummaa harkaa, diizaayinii aadaafi k.k.f. akkasumas raawwii artii sochii qaamaa sirba aadaa, shubbisa sochii diraamaa k.k.f. of keessatti qabata. Qoqqoodii dorson kana irraa afoolli dhimma hawaasaa baay'ee bal'aa ta'e akka hammatu hubachuun ni danda'ama. Qabiyyeen afoolaa hanga kana bal'achuun isaa immoo qorannoon afoolaa akka bal'atuufi kallattii adda addaan ilaaluun akka danda'amu taasisee jira.

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubatamu jechi "Folklore" jedhu waan hammatuun yoo ibsame damee beekumsaa mala saayinsaawaa ta'een afoola, meeshaalee aadaa, ogummaa sochii qaamaafi barsiifata hawaasaa qoratu ta'uusaati. Qorannoon kunis gooroowwan fookloorii armaan olii kana bu'uura godhachuun haala armaan gadiitiin dhiyaata.

#### **2.1.1.1 Afoola**

Afoolli aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa, walumaa galatti, oguma (wisdom) fi jireenya hawaasa tokko ibsuuf humna guddaa kan qabuufi afaan kan gidduugaleeffatedha. Akka Okpewho (1992, f. 4) Nandwafi Bukegna (1983) wabeeffachuun barreessetti maalummaa afoolaa "Oral literature may be defined as those utterances, whether spoken, recited or sung, whose composition and performance exhibit to and appreciable degree the artistic characteristics of accurate observation vivid imagination and indigenous expression" jedha. Yaada kanarra wanti hubatamu, afoolli haasaa namootaa, walaloo afaaniin kan dubbatamu yookiin sirbamu kan amala muuziqaa of keessaa qabu, kan dinqisiifatamuu, sirriitti kan daawwatamu, yaada cimaa kan of keessaa qabuufi miira uumamaa kan of keessaa qabu ta'uu isaati. Bukegna (1994, f. 85)

immoo afoola akkas jechuun ibsa. “Oral Literature is the heart of people’s ways of life: it is the very soul of their culture. As the reservoir of a people’s values, it expresses a given society’s world view and gives them a springboard from which their day-today existence is propelled” jedha. Akka yaada kanaatti afoolli haala jireenya hawaasa tokkoo kan murteessuufi beekumsi hawaasaa akka cimaa deemu kan godhuudha. Hawaasni afoola isaatiin muuxanno jiruufi jireenyaa, duudhaa, rakkina jireenya keessatti isa mudate kan ittiin ibsatu ta’uu isaati.

Akka Finnegan, (1970, f. 179) barreessitetti afoolli duudhaawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarban keessaa tokko ta’ee baroota dheeraaf sammuu namootaa keessaa burqee himamudha. Afoolli yoomessa murtaa’e keessatti kan qindaa’ee raawwatu akka ta’e ibsiteetti. Yaadni kun kan inni hubachiisu afoolli kalaqa sammuu dhala namaa ta’ee yoomessa mataasaa kan qabuufi dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu ta’uu isaati.

Dabalataan, Finnegan (1970, f. 12) akka ibsitetti; gooroowwan afoolaa haala itti dhiyaataniin garaagara haata’an malee hundi isaanii dhoksaa gadi fagoofi falaasamoota hedduun kan badhaadhanidha. Kana malees, adeemsa dhalootaa dhalootatti darbaniinis walitti akka dhiyaatan ibsiteetti. Yaada kana irraa wanti hubatamu gooroowwan afoolaa bifa seenessuu yookiin walalootiin haalli ittiin dhiyaatan adda adda yoo ta’an illee hundi isaanii ergaa dabarsan kan mataasaanii qabu. Gooroowwan afoolaa kunniinis adeemsa isaan dhalootaa gara dhalootaatti taasisan immoo walitti dhufeenya isaanii kan ibsudha.

Akka waliigalaatti, yaadota armaan oliirraa wanti hubatamu, afoolli haala jiruufi jireenya hawaasaa dhalootaa dhalootatti himamsa afaaniin daddarbaa kan dhufeeffii ammas kan darbudha. Afoolli qaama fooklorii keessaa isa tokko ta’ee muuxannoofi mudannoo akkasumas qabeenya hawaasaa kan ta’an kanneen akka oduu durii, sheekkoo, eebba, abaarsa, makmaaksa, hibboo, qoosaa, faaruu, sirbaafi kan kana fakkaatan ofkeessatti hammata.

### **2.1.1.2. Amaloota Afoolaa**

Afoolli Uummata tokkoo haala jiruufi jireenya hawaasaa ibsuun ergaa barbaadame tokko dabarsuuf amaloota garaagaraa qabaachuu nidanda’a. Abarraa (1995, f. 154) keessatti ibsanitti afoolli amaloota adda addaa qaba. Amalootasaa keessaa lufummaa, hurruubummaa, jijjiiramaa fi yoomessaa kan jedhaman ni argamu. Isaanis haala armaan gadiin ibsamaniiru.

- A. Lufummaa:** Afoolli baroota dheeraadhaaf turuufi dhalootaa dhalootatti daddarbuun isaa amala lufummaa isaa ibsa. Lufummaan afoolaa daangaa ce'ee hawaasa tokkorraa gara hawaasa biraatti makamuu isaatiin illee ibsamuu nidanda'a. Afoolli deeggarsa jechaa malee gocha (sochii qaamaa) qofaan daddarbu hinjiru. Fakkeenyaaf, eebbaafi abaarsa, makmaaksa, sheekkoofi kanaafi kanneen kana fakkaatan jechaan kan darban yommuu ta'u, shaggooyyee, Ateetee, faaruun deessuu, faaruun hojii, ragadni, geerarsaa fi kanneen kana fakkaatan jechaan deeggaramanii gochaan darbu.
- B. Hurruubummaa:** Amaloota afoolaa keessaa hurruubummaan isa tokkodha. Hurruubummaan afoolli lubbuu akka horatuufi miidhagina akka qabaatu taasisa. Akka Finnegan (1970) ibsitetti afoolli hubatamuu kan danda'u qabatamaan nama waan sana raawwataa jirutti kan hundaa'eefi nama jechoota sana qindeessee haala murtaawaa tokko keessatti dhiyeessu ta'uu isaati. Maalummaa hurruubummaa Sims (2005, f. 96) yommuu ibsiti hurruubummaan yeroo hedduu kan hinmul'anneefi hinqabatamne, amantaaleefi ilaalchonni akka mul'ataniifi qabatamaa akka ta'an kan godhu ta'uu isaati. Akkasumas hurruubummaan yoom akka raawwatame, eessatti akka raawwatame, haala itti raawwate, kallattii xiyyeeffannaa, akkasumas sochii yoomessa sana keessatti raawwatamu, haala hawaasummaafi kan kana fakkaatan kan walitti qabate ta'uu ibsu.
- C. Jijjiiramummaa:** Jijjiiramni afoolaa jijjiirama fedhii hawaasaa yeroo yerootti taasifamu wajjin walsimachuuf uumama. Hawaasni immoo yeroo mara gama seenaa, aadaa, falaasama, jireenya, teknoolojii, dinagdee, amantiifi kanaafi kanneen kana fakkaataniif jijjiirama keessa jira. Sababootni kunniinis jijjiirama afoolaaf kanneen bu'uuraati (Misgaanuu 2011). Jijjiiramichis gama qabiyyee ykn ergaa, jecha, gaalee, hima, tartiibaafi qoddattootaatiin mul'achuu danda'u.
- D. Yoomessa:** Qorannoon afoolaa haala hawaasummaaa dhuugaa afoolicha keessatti raawwatamuufi faayidaa inni walitti dhufeenya hawaasummaaf qabu irratti xiyyeeffachuu qaba (Dan-Ben Amos, 1982, f. 20). Yoommessi dhugaa qindeeffama afoola hedduu jiran hunda osoo ilaalamee, hundumtuu bakkaafi yeroo itti raawwatamu kan mataa isaa ni qaba (Dorson, 1972). Akka yaada hayyoota kanneen irraa hubachuun akka danda'amutti raawwiin afoola yeroo fi bakka qabaachuu isaati.

### 2.1.1.3. Faayidaa Afoolaa

Afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoo cimsuufi guddisuu keessatti bakka olaanaa qaba. Kana ilaalchisee Feqaade (1991, f. 17) afoolli sirna barnootaa guddisuufi miidhagina itti dabaluufta gahee olaanaa akka taphatu ibsee jira. Akka inni jedhutti afoolli jiruufi jireenya hawaasa tokkoo cimsuu bira darbee gama barnootaatiin qooda guddaa qaba. Kunis barumsa kennamu irratti miidhagina dabaluufta fudhatamummaa isaa guddisa. Faayidaa afoolaa inni lammaffaan faayidaa cimsuufi dhaabuuti. Kunnis aadaa isaanii keessatti gochaalee dhalootarraa hanga du'atti raawwatan kan akka guyyaa dahumsaa, dhaqna qabaa, gaa'ela, jagnummaa, du'aafi kkf akka hin bannee gochuufi dha. Gochaaleen kun itti fufiinsa akka qabaatan gochaaf afoolaan fayyadamuudhaan cimsanii dhaabuun dhalootatti darbu. Feqaade (1991) fi Okpewho (1992) yaada kana deeggaruun bal'inaan ibsaniiru. Akkasumas, Addunyaa (2018, f. 169) "Afoolli tajaajila hedduu qaba. Isaan keessaa muraasni haala yeroo ibsuuf, onnachiisuuf, ta'iinsota kuusuu, hir'inaafi cimina qeequuf, barsiisuufi miliqsuudha. Kana malees afoolli jechaafi gochaan raawwatamuuf bakkaafi yeroo barbaada.

Adeemsa hawaasummaa keessatti, uummanni kamuu afoola ittiin of ibsu kan mataa isaa qaba. Bukegna (1994, f. 85) akka ibsetti og-afaan gama bu'aa uummataa eegsisuufi mul'isutiin ilaalcha waliigalaa uummatichi addunyaa keessa jiraatuuf qabu ka'u. Egaa afoolli duudhaa uummataa faayidaa bal'aafi hiika gadi fagoo haa qabaatu malee beekkantiifi bakka argachaa hin turre.

Finnegan (1970) yaada armaan olii kana yoo ibsitu, muuxannoo jiruufi qorannoolee erga waa'een afoolaa qoratamuu eegalanii jiran irraa kan hubatamu, danqaa dur ture sana mara cabsuun afoolli labataa labatatti lufaa tureefi ammas jirudha. Kanaaf hiika yookaan ergaa gosoota afoolaa hubachuuf haalawwan qabatamoo isaan hawaasicha itti tajaajilaniin beekuu qabna. Gabaabumatti afoolliifi hawaasni kan adda ba'anii ilaalaman miti. Afoolli hawaasa malee, hawaasnis afoola malee jiraachuu kan hin dandeenye ta'uu isaati. Walumaa galatti faayidaan afoolaa: eenyummaa hawaasa tokkoo ni ibsa; hambaa dhalootaa dhalootatti ni dabarsa; Akkasumas dhaloota darbeefi kan har'aaf riqicha ta'ee wal quunnamsiisa; wal dhabbii hiikuun jireenya tasgabii gonfachiisuun bu'aa guddaa buusa.

#### **2.1.1.4. Gosoota Afoolaa**

Gosoota yookiin gooroowwan afoolaa hammana jedhanii murteessuun rakkisaadha. Haata'utii akka (Misgaanuu 2011, f. 41) qoodetti og-afaan bifa af-walalootiin dhiyaatan faaruu loonii, weedduu hojii, wedduu jaalalaa, wedduu ateetee, sirba, geerarsa, mararoo, wedduu dhimmoota siyaasaa, weedduu yookiin faaruu urursa daa'immanii, weedduuwwan seenaa, tapha ijoollee, wedduu amantii, weedduuwwan ajjeesaafi k.k.fdfa. Kanneen bifa holooloo yookiin seenessuutiin dhiyaatan immoo (sheekkoo, durdurii, baacoo af-seenaa...), unkaalee gaggabaaboon kan dhiyaatan (hibboo, mammaaksa,) fa'i.

Gama biraan Okpewho (1992) afoola Afriikaa gosoota gurguddoo sadiitti qoode. Isaanis afwalaloo (oral poetry), seeneffamota afoolaa (oral narratives) fi Qarreeyyii (witticisms) jechuun qoqqoode. Akka inni ibsutti afwalaloon kanneen amala walaloon guutamani dha. Seeneffamoonni ammoo warreen jaargocha dhangala'aan himaman yemmuu ta'an, qarreeyyiin kanneen jechoota gaggabaaboon himamaniidha. Haalumma kanaan qorannoon kun dameewan afoolaa keessaa afwalaloo faaruwwan deessuu bifa walalootiin dhiyaatan ergaa isaa irratti xiyyeffachuun kan gaggeeffameedha.

##### **2.1.1.4.1. Af-walaloo**

Afwalaloon gosa afoola keessaa tokko ta'ee, bifa walaloon qindeeffame

e kan afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbuudha. Maalummaa Afwalaloo ilaalchisee David (2004, f. 2) yoo ibsu "Oral poetry can be defined in various ways strict definition would include only poetry that is composed and transmitted without any aid of writing" jedha. Akka ibsa kanaatti afwalaloon haala garagaraa hiikamuu danda'a. Hiikkaa afwalaloof kennamu keessaa tokko afwalaloon dhang'i'a sagalee muuziqaa dabalachuun osoo ogummaan barreeffamaa hineegalin afaaniin darbaa kan tureedha.

Afwalaloon meeshaa guddaa yaada keessa ilma namaa jiru ittiin bakkeetti baafatan ta'ee, waan yaadan, waa'ee jaalalaafi jibbaa, waa'ee abjuufi abdiif fuula duraa, waa'ee uumaafi uumamaa, waa'ee bareedinaafi fokkinaa, dhimma roorroofi dhiphuu, dhimma hojiifi gaddaafi kan kana fakkaatan ittiin ibsataniidha.

Misgaanuu (2011, f. 60) “Afwalaloon barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dhaloota tokkorraa isa itti aanutti, naannoo tokko irraa gara ollaatti kan lufuudha” jedha. Akka yaada barreessaa kanaatti yaad-rimeen afwalaloo walxaxaa ta’us afwalaloon afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbuudha. Dabalataan Fekade (2000) Afwalaloo ilaalchisee yoo ibsu, Afwalaloon dalagaan akkasumas haalli dhiyeenya isaa yeroo hedduu afaaniin kan darbu walaloo uummataati jechuun ibsa. Gama biraatiin afwalaloon gosa aartii yeroo durii kaasee kan jiruufi dhalli namaa baroota dheeraaf gaddaafi gammachuu, hawwiifi fedhii, haala jiruufi jireenyaa, muudannoo isaanii haala adda addaan itti weeddisanii ykn faarsaa turan jechuun addeessa.

Fedhasaa Taaddasaa(2019, f. 56) irratti immoo Finnegan(1977) wabeeffachuun maalummaa afwalaloo yemmuu ibsu: “Afwalaloon walaloo sammuu keessatti kalaqamee afaaniin walaleeffamuu dha. Akkuma seeneffamootaa: aadaa, duudhaa, seenaa fi haala jiruu fi jireenya ummata tokkoo afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan dabarsuudha”. Yaada kana irraa hubachuun kan danda’amu, afwaloon aadaa, duudhaa, walumaa galatti haalli jiruu fi jireenyaa hawaasa tokkoo dhaloota irraa dhalootatti afaaniin kan daddarbu ta’uu isaati.

#### **2.1.1.4.1.1. Gooroowwan Af-walaloo**

Afwalaloon dameewwan adda addaatti qoodamuu danda’a. qorattoonnii afaaniis afwalaloof ramaddii armaan gadii kaa’u. kana ilaalchisee, Fedhasaa (2019:56) barreessetti “Afwalaloon/walaloon afoola Oromoo bakka guguddoo torbatti qoodamuu danda’a. Isaanis: geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebbaafi abaarsa, gumgummiifi tabaallii fa’i. Isaan kunniin hawaasa Oromoo keessatti maqaalee kanaan beekamanis daangaan hubannoo gidduu isaanii kaa’aamee hin jirre dabalee ibseera.

#### **2.1.1.4.1.2. Faaruu**

Faaruu walaloo gurmaa’ina jechootaa faarfaman, ijaarsa jechootaa ifaa fi gabaabaa toora tooraan jedhaman, yaa’aa muuziqaa kan qabuudha.(Bauman,1992, f. 73).yaadni kun miidhagina walaloo afoolaa kan ibsu ta’us irra caalaa amala faaruun qabu kan ibsu ta’uusaati. Faaruun walaloo miiraa mararfannaadhaan guutamee jiruudha. Namni tokko waan faarsu sana jaallatee mararfata. Wanti farsamu sunis: biyya, hiriyya, haadha, abbaa, loon, dachee, waaqa, goota, fi kkf ta’uu danda’a. Ilmi namaas wantoota kana keessaa tokkoof miira jaalala qabuuf faaruun mul’isa.

Faaruu gosa afoolaa keessaa tokko yoo ta’u, gosa afwalaloo jalatti ramadama. Maalummaa afwalaloo ilaalchisee (Nagarii, 1993, f. 63), “Faaruun afoola Oromoo walaloodhaan dhiyaatu keessaa isa tokkoodha,” jedha. Dabalataanis, Winterod (1975, f. 20) waabeffachuun yoo ibsu, “Faaruun bifa walalootiin dhiyaata; akka walalootti immoo qindaa’ina jechootaa, dubbii haalawaa, wal simannaa sagalootaatiin kuulamee dhiyaata,” jedha. Yaada kanarraa hubachuun akka danda’amutti, faaruun afoola bifa miidhagina qabuun dhiyaatu akka ta’ee nu hubachiisa.

Faaruu haala kanaan bifa miidhagina qabuun dhiyaatu immoo waan mul’isu qaba. Faaruun calaqqee qaba. Innis, aadaa, duudhaa, seenaa, jiruufi jireenya hawaasaati. Faaruun callisee kan faarfataamu miti; ergaa qaba. Kunis, aadaa, beekumsa, ilaalchaa, fedhii, falaasama jireenyaafi amantii hawaasaa faarfatu sana kan of keessatti qabatuudha. Akka ibsa Winteroditti, (1975;20) faayidaan faaru ummata itti dhimma bahuuf kennu yoo ibsu, faaruun nibarsiisa, nigorsa, nigootomsa, aadaa duudhaa, dhugeeffannaafi falaasama abbootii dhaloonni haaraan akka hubatan godha jedha. Walumaa galatti yaada armaan olii ka’an irraa hubachuun kan danda’amu faaru hawaasni tokko faarfatu gadifageenyaan qorachuun waa’ee hawaasa sanaa waa hedduu beekuuf kan gargaaru ta’uusaati. Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti gosa afoolaa afwalaloo keessaa tokko kan ta’e, faaru deessuu yookiin faaru haadhaa hawaasni itti dhimma bahaa jiru, faayidaa inni hawaasaaf kennaa jiru dhiyeessuu irratti kan xiyyeeffatu ta’a.

#### **2.1.1.4.1.2.1. Faayidaa Faaru**

Faruun kan hawaasni tokko miira isatti dhaga’amu kanneen akka gammachuu, marartee, gaddaa, aariifi kan kana fakkaatan ittiin ibsatan waan ta’eef hawaasa Oromootiif faayidaa guddaa qaba. Kunis jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti waantota mul’atan faaruutti dhimma bahuun ibsata.

Finnegan (1970, f. 270) faayidaa faaru yoo ibsatu, “Song can use to report and comment a current affairs, for political pressure, for propaganda and to reflect and muld public opinion” jetti. Yaadni kunis kan ibsu faaruun waan haala yeroo keessatti ta’u gabaasuufi yaada irratti kennuuf dhiibbaa siyaasaan namarra gahe ittiin ibsachuuf, akkasumas yaada hawaasaa ittiin calaqqisiisuuf yookiin ittiin qeequuf kan gargaaruudha. Walumaa galatti, faayidaa faaru ilaalchisee hayyonni hedduun kanneen armaan gadii eeru. Isanis:-

- ❖ Faaruun dhimmoota hawaasicha ilaallatan hunda keessa galuun ergaa dabarsa.
- ❖ Duudhaa kabachiisuuf waan gumaachu qaba.

- ❖ Ogafaan hawaasichaa guddisuuf ga'ee olaanaa taphata.
- ❖ Yaada bal'aa bifa afwalalootiin gabaabsee dhiyeessuuf nu gargaara.
- ❖ Ergaa dhokataafi quuqaa qabdu bifa waan birootti qabuun dabarfachuufi k.k.f. ni fayyada.

## 2.2. Faayidaa Afaanii

Afaan waanta sirnaawaa kan waliigaltee sagaleewwanii yookiin mallattoolee barreeffama ilmaan namaa walqunnamtiifi of ibsuuf itti fayyadamnuudha. “Language is the systematic, conventional use of sounds, sign or written symbolism ahuman society for communication, interaction and self expression,” Crystal (1997, f. 384). Akka ibsa yaada kanaatti, afaan walqunnamtiin ilmaan namaa mallattoolee kan ofkeessaa qabu ta'ee mallattooleen kunis waan akka jechaa, sagalee dubbiifi wantoota mallattoon ibsaman bakka bu'uuf kan dhaabbate ta'uudha. Dabalataanis, Mehl (2003, f. 67) waa'ee afaanii yoo ibsu, “The way people use words convey a great deal of information about themselves, their audience and the situation they are beyond its communicative function,” jedha. Akka yaada kanaatti, afaan namni tokko eenyu akka ta'e, eessaa akka dhufe duuba isaa hubachuuf kan nama gargaaruudha. Faayidaa afaan kennu ilaalchisee Finch (2003, ff. 21-38) “Language functions are two categories. One is micro function which covers the particular individual use and the other is macro function which relates to the large or more general language,” jechuun ibseera. Akka yaada kanaatti tajaajila afaanii ‘micro’ jalatti tajaajila odeeffannoo waraabuu, tajaajila waa addaan baafachuu, tajaajila yaada, fedhii, ilaalcha ofii ibsachuu, tajaajila ka'umsaa/jalqaba/ dubbii uumuu, tajaajila walitti dhufeenyaa ykn hariiroo namoota gidduutti uumuu, tajaajila miira dadhabbi aarii, gadda ibsuu, tajaajila miiraa gammachuu, hawwu namootaa ibsuu ta'uu ibseera. Dabalataanis waa'ee faayidaa afaanii ilaalchisee Cook (2010, f. 85) akkas jechuun ibsee jira.

*Language is at the center of human life. We use it to express our love or our hatred, to achieve our goals and further our cares, to gain artistic satisfaction or simple pleasure. Through language we plan our lives and remember our past: we exchange ideas and experiences, we form our social and individual identities.*

Akka yaada kanarraa hubannutti, afaan meeshaa bu'uuraa ilma namaa ta'ee ilaalcha jaalala yookaan jibba nutti dhagahame muuxannoo qabnu irraa ka'uun kan ittiin ibsannuudha. Walumaagalatti, faayidaa afaanii “macro” jalatti ammoo afaan bu'aawwan xixiqqoo (micro) hedduu walitti qindeessuun kennuu akka danda'u lafa kaa'eera. Kunis, tajaajila addunyaa



keessaa jiraannu,faayidaa dhuunfaa keenyaa yookiin waliiniitiif akkaataa itti hubannee afaaniin ibsinu; tajaajila jechootatti gargaaramuun maataa keenya ibsuu,yookiin eenyummaa keenya namoota birootiif ifa gochuu. (The inter personal) tajaajila addunyaa keessa jiranuutti ofis ta'e namoota gammachiisuufi kkf.dha.

### **2.3. Fayyadama Afaanii**

Fayyadamni afaanii walitti dufeenya hawaasni waliin qabu kan agarsiisudha. Faayyadamni afaanii adeemsa nama dhuunfaafi hawaasa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee itti fayyadama afaanii haala hawaasa keessatti beekumsa gahaa afaanichaa giddu galeeffachuu qaba.Yaada kana ilaalchisee, Halliday (1994, f. 233) yoo ibsu“Language in use as a variety of setting.” jechuun lafa kaa'eera. Akka yaada kanaatti namoonni haala jiruufi jireenya isaanii keessatti afaan tajaajila addaddatiif kan itti gargaaramaniidha. Fayyadama afaanii yeroofi iddoo murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sun qabu kan hammatuudha. Hawaasni afaan gadda, gammachuu, barnoota, daldaala, siyaasaafi waan kana fakkaatan itti fayyadamu garaagarummaa qaba jechuudha. Kanaafuu, akkaataan fayyadama afaanii yeroofi bakka dhimma itti bahamu irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu agarsiisa.Yaada kanaan kan walfakkaatu Wolff(2000) akka ibsetti, fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee kanneen akka yoom, eessatti, maalif, akkamitti, maaliin,eenyuufi kan kana fakkaatan gaaffilee xiinqooqa hawaasaa afaaniin walqabatan kaasuun hubachuun akka danda'amudha. Kunis itti fayyadamni afaanii yeroo, bakka, kaayyoo, mala, haala (meeshaa) ittiin dhiyaatuuf eenyummaa nama afaanichi dhiyaatuuf bu'uureeffachuun adda addummaa akka qabu ta'uu nimul'isa. Bakka ilaachisee fakkeenyaaf, akkaataan itti mana boo'ichaatti dubbatamuufi mana cidhaatti dubbatu tokko miti. Sababiin yookaan kaayyoon afaan itti dhimma baanuus itti fayyadama afaanii nimurteessa. Kunis akkaataan bashannansiisuuf afaanitti dhimma bahamuufi dheekkamsaaaf itti dhimma tokko miti jechuudha. Wanta afaan ittiin dhimma bahamus akkasuma fayyadama afaanii ni murteessa. Dubbiidhaan, barrreeffamaan, bilbilaan, sochii qaamaa waliinfi kan kana fakkaataniin fayyadamni afaanii adda addummaa qaba. Qooda fudhattoota afaan dhimma itti bahamuu adda addummaa fayyadama afaaniitiif sababa isa biraati. Fakkeenyaaf, namoota barataniifi hinbaranneef akkaataan fayyadama afaanii tokko hinta'u jechuudha.

Dabalataan akka Clark (1996) tti, fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasni waliin qabu akka bu'uureeffatudha. Kana jechuunis, umuriin, haala jireenyaan, aadaan, bakka jireenyaa fi kan kana fakkaataniin akkaataa walitti hidhinsa hawaasaa irratti hundaahuun fayyadamni afaanii garaagarummaa akka qabudha. Fakkeenyaaf akkaataa hiriyyaan dhiiraa lama kophaatti Afaan Oromootiin waliin haasa'aniifi namoota gurguddoo kabajamoo biratti haasa'an tokko ta'uu dhiisuu danda'a. Akkaataa hiyyeessiifi sooressi afaan tokko itti fayyadaman garaagarummaa niagarsiisa. Namoonni magaalaa jiraataniifi baadiyyaa jiraatan akkaataa isaan afaan tokkko fayyadamanis akkasuma gargar ta'a jechuudha.

Ga'ee fayyadamni afaanii jiruufi jireenya dhala namaa keessatti taphatu balbaloomsuu keessatti gidduu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qoratuudha. Goldman Rakic (1998) yaada kana ibsa, "Language use is concerned with the promoting our understanding of the role of language plays in human life. At its centers are theatrical investigations real world issues in which language plays leading role" jedha. Egaa fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabatani dhufan hiikuu keessatti ga'ee guddaa taphachuu akka danda'u ni amanama.

Xiinxalli fayyadama afaanii karaa adda addaatiin ibsamuu yookiin hiikamuu danda'a. Akka hayyoota xinqooqa caasawaatti xiinxalli fayyadama afaanii barreeffamaafi dubbii kaayyoon isaa tartiiba jechootaa ykn caasaa afaan keessatti dubbatamaafi haala (context) keessatti dubbate sana adda baasuun xiinxaluudha. "Discourse analysis as analysis of written and spoken texts with the aim of identifying recurring patterns of words or abstract structures in language by analyzing language data detached from its user and context of use (Johnstone, 2008; Salkie, 1995).

Malli inni biraan fayyadama afaanii ittiin xiinxallu, mala tajaajilaa kan jedhamu yoo ta'u, akkaataa hiikni dubbataa qabiyyee duubaafi haala dubbataarratti hundaa'uudhaan gargar ta'u qaaccessuuf kan gargaaruudha. "Functional approach helps to analyse how meanings of utterances vary based on context of speaking and the mood of the speaker," (Alvesson, 2004; MacCarty, 1991). Malli kun xiyyeeffannoon isaa caasaarraa gara hiikaatti fuulleffatee jira. Hata'umalee, ga'een hawaasaafi aadaan fayyadama afaanii keessatti qabu waan dagate fakkata. Malli kun fayyadama afaanii, aadaan, hawaasniifi siyaasaan akkamitti dhiibbaa walirratti geessisuu danda'an xiinxaluurratti hagas mara quubsa miti. "This approach is inadequate in analyzing how language use influences and is influenced by existing wider socio-cultural and political realities," (Alvesson, 2004).

### 2.3.1. Malleen Dubbii

Dhalli namaa waliin dubbi yeroo adda addaa taasisan keessatti wanta yaadan, jaallatan, jibban, gorsan, fedhan, beekumsa, gadda, gammachuu, ilaalchafi kanneen kana fakkaatan waljijjiiruudhaaf afaaniitti nifayyadamu. Afaan kunis ergaa dabarsuu barbaadan kallattiinis ta'e alkallattiin akka dabarsan isaan gargaara. Malleen dubbii ergaa darbu tokkoof ciminaafi miidhagina kenna. Birhaanuu (1999, f. 82) "Malleen dubbii akka kaa'utti, "Barreeffamaan ala (non literal) wanta tokko waan birootiin ibsuudha" jedha. Quunnamtii afaaniifi barreefamaa keessatti malleen dubbii faayidaa garaagaraa kan qabudha. Isaanis: hiika ifoomsuuf, fakkeenya ifa ta'e dhiyeessuuf, cimsuuf, walitti dhufeenya uumuuf, wantoota lubbuu hinqabnetti lubbuu horuuf, gammachiisuuf akkasumas bashannansiisuufi irra caalaa tajaajila miidhaginaa namootni gadifageenyaafi bal'inaan akka yaadan gochuudha.

Malleen dubbii sammuu dhaggeeffataa tokkoo keessatti fakkii uumuun akka ergaan sun gadi fageenyaan hubatamu taasisa. Malleen dubbii dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuu irra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu yookaan kaa'udha. Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qaba. Kana ilaalchisee, Addunyaa(2016, f. 208) irratti yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsudha," jedha. Yaada kana irraas kan hubatamu akkuma olitti ibsame, malleen dubbii keessatti namoonni ergaa dabarfachuu barbaadan qaama barbaachisaa ta'etti haala salphaa ta'een dabarfachuudha. Akka waliigalaatti, malleen dubbii barreeffamaafi dubbii keessatti bakka olaanaa akka qabu hubachuun nidanda'ama.

Malleen dubbii keessaa tokko akkasaadha. Akkasaan jecha, 'akka', 'hanga', 'fakkaata' jedhanitti gargaaramee wantoota adda addaa lama walbira qabee ibsuun sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti suuraa kaasa yookiin hubannoo uuma. Akkuma kana faaruun amantiis malleen dubbii kanatti fayyadamee ergaa barbaachisaa ta'e dabarsa. Addunyaa (2016, f. 208) "Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon wal bira qabuun dhiyeessuudhaan akka salphaatti hubatamu kan taasisudha," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti akkasaa jechuun wantoota lama wal bira qabanii wal dorgomsiiisu akka ta'e irraa hubanna.

Malleen dubbii kan biroon immoo iddeessa. Iddeessi amala waan tokko qabu guutummaan guutuutti wantoota biroof kennuudha. Addunyaan (2016, f. 210) “Iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta’een wantoota waldorgomsiisa”, jedha. Gosti mala dubbii kanaa karaa dhokataa ta’een wantoota lama waldorgomsiisa.

Iddeessuun kan wanta tokko waan birootin bakka buufnee ibsinuudha. Walaloo keessattis bu’uura kan ta’eedha. Walmadaalchisuun iddeessuu keessatti yeroo hunda fuulleefi fuulletti kan hinmul’anneedha. Yaada kanarraa wanti argachuu dandeenyu wantoota adda addaa bakka walii buusuun waan tokko akkaataa hinbeekkamneen isa birootin waldorgomsiisuun akka danda’amuudha. Kunis wantoonni bakka walii bu’an kun gosaafi amalaan kan wal-hinfakkaanne yemmuu ta’an, wantoota kana bakka walii buusuun itti gargaaramuun kunis iddeessuu jedhama.

Akkasumas iddeessuufi akkasaan wantoota lama waldorgomsiisuu isaaniitiin akka walfakkaataniifi jechoota akkasaan gargaaramu iddeessi kan itti hingargaaramne ta’uu isaaniitiin garaagarummaa akka qaban hubachuun nidanda’ama

Gosa malleen dubbii ittianu nameessa. Nameessaan amala namootaa wantoota adda addaaf kennuun kan dhiyaatudha. Nameessuun gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta’ee amala dhala namaa lubbu-qabeeyyii yookin lubbu-maleeyyii biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun kan ibasmuudha. Yaaduma kana deeggaruun Addunyaa (2016, f. 211) yoo akkasiin ibsa.

*Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu-maleeyyii yookaan lubbuqabeeyyii biro amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan akka namaatti beela’anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi waan kana fakkaatu akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniti, jechuun barreesseera.*

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, ogummaafi dandeettii dhala namaa akkaataafi yeroo addaa addaa keessatti wantoota garaagaraaf kennuun malleen dubbii keessaa nameessuu akka ta’e hubachuun nidanda’ama.

Walumaagalatti, malleen dubbii kun maqaa adda addaa haaqabaatan malee yaada kalaqaa yookiin haala namoota hawwatuun fakkii wantoota xiyyeeffannoo barbaadanii walbira qabaniin ibsuun karaa salphaa ta’een sammuu namootaa keessatti suuraa kaasu. Kun immoo namni tokko wanta isa bira hinjirre haala salphaan akka hubatuuf isa gargaara.

### 2.3.2. Jechamoota (Idoms)

Jechamni yaada dhokataa of keessaa qabuun sammuu namaa kan qarudha. Kanaafuu, jecha, gaaleefi hima qofaa dhaabbatee yaada bal'aaf sammuu namaa affeeruu jechuun nidanda'ama. Akkasumas, jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatuudha. Akka rakkoon irra hingenyeef yaada dhokataan jechootatti fayyadamee waan jechuu barbaadehima. Namni dhaggeeffatu ammoo, haalaan walqabsiisee xiinxaluun hiika isaa argata. Kanaafuu, hiikni jechamaa hawaasa keessatti beekama.

### 2.4. Eenyummaa (Identity)

Hawaasni jiruufi jireenya hawaasummaa jiraatu keessatti eenyummaa isaa kan mul'isu akka aadaatti qabaachuu ni danda'a. Waa'ee eenyummaa (identity) ilaalchisee, Addunyaan (2016), Jenkins (2008, p.18), Deng (1995, p.1) wabeeffachuun yoo ibsu.

*Identity refers to the ways in which an individual and a group are distinguished in their social relationships with other individuals and groups. This definition of identity focusses on the differences individuals and /or groups show as they compare themselves with others. According to "Identity is the way individuals and groups define themselves and are defined by others on the basis of race, ethnicity, religion, language and culture." In this regard, our identity comprises how we identify ourselves and how others identify us. jedha.*

Yaadni armaan oliitti ibsame kun kan ibsu, eenyummaan akka dhuunfaattis ta'e akka gareetti hawaasicha keessatti kan mul'atuudha. Eenyummaa (identity) isaaniis, eenyu akka ta'aniifi maal akka ta'an, wantoonnii eenyummaa isaanii ibsan akka aadaa hawaasichatti kan qabaniifi itti dhimma bahan jiraachuu isaati. Eenyumman kunis, gosoota adda addaa ni qaba. Isaan keessaa qorannoo kana waliin kan deemu ijaarsa eenyummaadha. Ijaarsa Eenyummaa (identity construction)- Ijaarsi eenyummaa hawaasa tokkoo keessatti akka gareettis ta'e akka dhuunfaatti kan calaqqisu dha. Addunyaan (2016), Wodak (1996, f. 126) wabeeffachuun yoo ibsu. "The construction of identity is a process of differentiation, a description of one's own group and a separation from the others." jedha. Akka yaada kanaatti, ijaarsi eenyummaa dhuunfaanis ta'e gareedhaan hawaasicha keessatti isa tokko isa biroorraa adda baasee kan ibsu danda'uudha.

Ijaarsi eenyummaa hawaasa tokko keessatti bifa garaagaraan ibsamuu ni danda'a. Isaan keessaa tokko ijaarsa eenyummaa deessuu ka mul'isuudha. Eenyummaa deessuu kana Dirribii (2009, f. 158) akkas jechuun ibseera.

*Akka aadaa Oromootti dubartoonni da'anii, mallattoo eenyummaa isaanii Addarratti keewwatanii jiran hin gadadantu, hidhaanantu, dubartiin deessee Adda jalee hidhatte (qanafaa) jechuun dubartiin sun deessee baatii shanii as jirti jechuudha. Dubartiin deesse immoo human hin qabdu, duddi nidaddarba dhiigni dhangala'eera. Kanaaf, kabaja guddaa qabdi.*

Akka ibsa armaan olii kanaarraa waanti hubatamu dubartoonni gaafa da'an eenyummaa isaanii kan mul'isu jiraachuu isaafi namoonni eenyummaa ishee mul'isu kana immoo kabajuu akka qaban yaada kanaarraa adda baafachuun nidanda'ama. Eenyummaa ishee kan mul'isu yemmuu argan, waan ishee ijaaruu danda'utti gargaaramanii jajjabina kennuuf. Walumaagalatti, ijaarsi eenyummaa (construction of identity) akka gareettis ta'e akka dhuunfaatti hawaasicha keessatti bifa adda addaa mul'achuu danda'uu isaati.

## **2.5. Sakatta'a Qorannoowwan Wal fakkii**

Hanga sakatta'a qorattuun geggeessiteetti mataduree qorannoo kanaan guutummaa guutuutti kan walfakkaatan kan hinjirre ta'uu isaa hubatee jirti. Haata'u malee, qorannoowwan muraasni yaada dhimma qoratamu kana hanga tokko deeggaran yookiin kan itti dhiyaatan ni argamu. Haaluma kanaan qorattuun qorannoo kanaa waraqaalee qorannoo garagaraa hojjetaman sakatta'uudhaan kanneen walitti dhufeenyaafi garaagarummaa isaan qorannoo kana waliin qaban hanga tokko ilaaluun ishee amanamuummaafi gabbina yaadaa ni cimsa.

Haaluma kanaan qorannoo Birhaanee Margaa bara 2010tti mata duree "Faaruu dubartootaa da'umsaan booda mana dubartii deessetti faarsan." Godina Shawaa Bahaa Aanaa Ada'aa Bargaa Magaalaa Bishooftuu. Qorannoon isheen gaggeessite, dubartoonni gaafa da'an faaruu isaan mana deessuu sanaa deemanii faarsan qaaccessuurratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u, qorannoon koo garuu, kan adda isa taasisu mataduree "Xiinxala Itti fayyadama afaanii afwalaloo deessuu: Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa," kan jedhurratti hawaasni aanichaa yeroo da'umsaa afwalaloo inni gargaaramu, afwalaloo kana keessatti malleen dubbii kam faa'a akka fayyadamu, fayyadama afaanii afwalaloo eenyummaa deessuu ibsan maal akka ta'an irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha. Walfakkeenyi isaanii immoo afwalaloo(faaruu) deessuun walqabatu irratti kan

xiyyeeffatan ta'uu isaati. Gama biraatiin, Wubaayyoo Olaanii (2011/2019) waraqaa qorannoo Digirii Lammaffaa ittiin guuttachuuf mata duree “Qaaccessa Ergaa Faaruu Haadha Deessuu Mul’isan: Aanaa Ada’aa Bargaa” irratti hojjette keessatti walfakkeenya fi garaagarummaa qorannoon ishee qorannoo kanaa waliin qabu, qorannoon kun akkuma kan Wubayyoo faaruu(walaloo) deessuu mul’isan qaaccessuu ykn xiinxaluu irratti xiyyeeffachuun isaa walfakkeenya isaanii kan agarsiisu yoo ta’u, garaagarummaan isaanii immoo, qorannoon Wubaayyoo ergaa faaruu deessuu qaacceessuu qofa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u, qorannoon kun immoo afwalaloo deessuu keessatti itti fayyadama afaanii kanneen akka jechamootaa, eebbaa fi dubbii qolaa akkasumas afwalaloowwan hamilee dubartii dubara qofa deessee jajjabeessuuf jedhamuufi faaruwwan da’umsaa faayidaa daa’ima argachuun qabu agarsiisan xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatuudha. Dabalataan, iddoo qorannoowwan kunneen itti geggeffaman irratti garaagarummaatu jira. Qorannoon Wubaayyoon gegeessite Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ada’aatti yoo ta’u, qorannoon kun immoo Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddatti kan adeemsifameedha. Kunis, iddoo qorannoon itti geggeeffameenis garaagarummaan jiraachuu agarsiisa.

Qorannoon biraa qorannoo kanaan walitti dhiyeenya qabu immoo kan Askaalee Tarfaa bara 2013tti mata duree “Qaaccessa Kabaja Ayyaanaa: Raawwiifi Qabiyyee Faaruu Sirna Da’umsaa” jedhurratti kan hojjetame yoo ta’u, walfakkeenya qorannoo kana lamaanii da’umsa irratti ta’uu isaaniiti. Garaagarummaan isaanii immoo garuu, qorannoon Askaalee raawwii yookiin sirna irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u, kan koo immoo xiyyeeffannoon isaa sirna osoo hin taane, faaruu(afwalaloo) deessuu yeroo da’umsaa xiinxaluudha.

## **2.6. Yaad-xina Qorannichaa**

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxinni itti gargaaramanii qorannoo sana gaggeessan murteessaadha. Yaad-xinoota jiran keessaa qorannoon kun yaad-xina tajaajilaa (functional theory)fi yaaxxina haalawaa irratti bu’uureffachuun kan gaggeeffameedha. Sababiin isaas faaruun haadhoolii ibsu kun hawaasa keessatti faayidaa inni qabu waan xiinxalamuufi. Kana malees faaruun haadhaa haala itti dhiyaatu qaba. Kana jechuun wanti irratti faarfatamu jiraachuufi ergaan ni ibsama. Inni kun immoo Yaad-xina haalawaa (contextual Approach)n dhimma ba’ame.

Yaad-xinni tajaajilaa aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo kan qoratuudha. Yaada yookaan amala nama dhuunfaa osoo hin taane, ilaalchaafi aadaa hawaasa tokkoo madaaluun haala jireenya hawaasa sanaa haala dhaabbataa (stable) ta'een kan deemsisuudha. Ulaagaan tajaajilaa inni guddaan, walirratti hundaa'uu namoota dhuunfaafi gareewwan hawaasa tokko keessa jiraniiti. Yaaxinni kunis walitti hirkachuu gareewwan hawaasaa xiyyeeffannoodhaan kan ilaalu yoo ta'u, gareewwan naannoo naannoodhaan qoqqoodaman walmalee jiraachuu hin danda'an jedha. Farley (2003) hawaasni walirrtti hirkachuu gareewwan hawaasummaa irraa kan ijaarameedha jedha; haaluma kanaan, gartuun tokko isa biraa irratti hirkachuun jiraatu jechuudha. Akka ulaagaa yaaxxina tajaajilaa isa birootti ittiin bulmaata aadaafi caasaa hawaasummaa keessatti afaan, amantii, beekumsafi duudhaan bakka guddaa akka qaban ibsa. Ulaagaan biraan walqixxummaadhaan walhubachuufi wal-tajaajiluu jedha. Waan hunda waliigalteedhaan kan raawwatuufi waldeeggaruudhaan waliin akka jiraatu akkasumas, duudhaawwan qabu irratti akka yaada waljijjiiru kan kaasuudha.

Hawaasummaa ammayyoo keessatti, fookloorii haala afoola giddugaleessa godhateen kan qoratuufi jijjiirama yaadrimee fookloorii kan yaada keessa galche yaad-xina haalawaa (Contextual Theory) kan jedhamuudha. Kunis kan fooyya'ee dhufe yaaxxina duraanii kan barruu fookloorii irratti hundaa'e irraati. Akka yaadiddama haalawaatti, taateen tokko yoomessaafi haala yeroo waliin walqabsiisamee barmaata hawaasa sanaa haala ittiin qophii sana waliin walbira qabamee ilaalamuu danda'uun madaalamuu qaba malee barruudhaan hin ta'u. Kanaaf, wantoonni yoomessa tokko keessatti dhiyaatan haala raawwii yeroo sanaatiin waraabamuun kan seecca'aman ta'a.

Haaluma kanaan, duudhaalee hawaasaafi beekumsa isaa waliin fudhachuuf qorannoo dirree (field work) yeroo dheeraa kan barbaadu ta'a. Dorson (1972) akka jedhutti, qorannoon fookloorii yaadiddama haalawaa irratti hundaa'e tokko turtii dirree irratti taasifamu bal'inaan fayyadamuun raawwata; kunis yaada dabalataa qofa argachuuf osoo hin taane adeemsuma qorannoo sanaayyu sirreessuun raawwii bu'aa hedduu argamsiisuun dudduubee dhiyeessa fookloorii tokkoo haala gaariin ibsuu ni danda'a.



## **BOQONNAA SADI: MALA QORANNICHA**

### **3.1. Saxaxa qorannichaa**

Saxaxni qorannoo akka Addunyaan (2011, f. 63) ibsutti, “Waliigala qorannichaa kan to’atu ta’ee, qorannichi maal akka fakkaatuu fi maal irratti akka bu’uureffate agarsiisa. Dabalataan, Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Victor (2009, ff. 20-30 akkas jechuun ibsa: “The research design is plan of action that allows the researcher to know where they came from, where they are and where they are going .” Akka yaada kanaatti adeemsi saxaxa qorannoo karoora hojii qorataan beekuu qabu, eessaa akka inni ka’e, eessarra akka jiruufi eessa akka inni ga’u kan murteessuudha. Kaayyoon qorannoo kanaa itti fayyadama afaanii Afwalaloo deessuu da’umsa keessatti hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa fayyadamu xiinxaluudha. Kana gochuuf immoo qorattuun saxaxa addeessaatti gargaaramte. Sababni isaatis odeeffannoon qorannoo kanaaf oolu kan lakkoofsaan ibsamu osoo hintaane kan jechaan qaaceffamu waan ta’eefidha.

### **3.2. Akaakuu Qorannichaa**

Malleen qorannoo adda adda akka jiran hayyoonni hedduun ragaa nibahu. Malli qorannoo akkamta malleen jiran keessaa isa tokkodha. Dastaan (2013, f. 29) Serantakes,(2005) wabeeffachuun gosoota qorannoo yemmuu ibsu, qorannoo tokko haala odeeffannoo ittiin funaanamuufi odeeffannoon funaaname sun haala itti hiikamu irratti hundaa’ee qorannoo lakkoofsaa (safarataa) fi qulqulleeffataa (akkamta) ta’a jechuudhaan ibsu. Kanarraa ka’uun qorattuun qorannoo kana geggeessuuf gosa qorannoo akkamta(qulqulleeffataa) gargaaramteetti.Sababni isaas malli qorannoo qulqulleeffataan haala jiruufi jireenya hawaasichaa ykn amalli hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuun maal akka ta’e lakkoofsaan osoo hin taane jechaan waan ibsamuufi. Qorattuunis yaada kana bu’uura godhachuun gosa qorannoo akkamta(qulqulleeffataa)tti dhimma baate.

### **3.3. Madda Ragaa**

Qorannoon kun kan gaggeeffame madda ragaa tokkoffaa irratti hundaa’ee. Madda raga tokkoffaa kanneen jedhamanis, namoota waa’ee da’umsaa irratti hubannoo gahaa qabanii fi ragaa gahaa kennuu danda’u jedhamaniidha. Maddi ragaan irraa argamuu qorannoo tokkoof baay’ee barbaachisaadha. Kanas, Addunyaa(2011, f. 64) akka ibsutti, “Qorannoon tokko madda ragaa qaba. Kunis, namootaafi dhimmoota qorannoon irratti gaggeeffamu ta’a” jedha. Akka

yaada kanaatti maddi ragaa dhimma qorannoo tokkoof baay'ee murteessaadha. Yaada kana bu'uura godhachuun qorannoon kunis madda odeeffannoo tokkoffaa irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffameedha. Kunis namoota afwalaloo da'umsaa irratti hubannoo gahaa qabaniifi odeeffannoo gahaa kennuu dand'u jedhaman mala iddateessuu miti carraatiin kan filataman ta'u. Haaluma kanaan, maddi ragaa qorannoo kanaa, "Xiinxala Itti Fayyadama Afaanii Afwalaloo Deessuu," jedhu irra caalaatti muuxannoo gahaa kan qaban jaartolii fi dubartoota umurii gidugaleessaa kan ta'anidha.

### **3.4. Iddattoo fi Mala Iddatteessuu**

Iddattoon irraawwatamtoota qorannoo keessaa odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu akka kennaniif kanneen filatamaniidha. Dastaa (2013, f. 132) iddattoo yoo ibsu, "Iddattoon adeemsa odeef-kennitoota qorannoodhaaf filannee jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu'an kan ittiin taasisnuudha" jedha. Bu'uuruma kanaan qorattuun akka iddattootti Gandoota Aanaa Oomoo Naaddaa keessatti argaman 31 keessaa gandoota sadi(Ganda Waaq Tolaa, Ganda Sayyoo Adaamii fi Ganda Biisoo Gomboo) akkasumas, namoota odeeffannoo keennuun ishii gargaaran kanneen gandoota kanneen keessa jiraatan keessaa[tokko tokkoon gandoolii sadan kanneen keessaa namoota 10 walumaagalatti namoota 30] mala iddateessuu Miti carraatiin filachuun odeeffannoo qorannoo isheetiif barbaachisan irraa sassaabbatteetti. Qorattuun gandoota kanneen ulaagaan ishiin ittiin filattes jiraattuu Aanaa kanaa ta'uu ishii irraa kan ka'e dhimmoonni mata duree qorannoo ishiitiin walqabatan gandoolii kanneen keessatti raawwatamaa jiraachuu isaa adda baafatteetti. Kanas, iddateessuu miti carraa keessaa tooftaa iddateessuu kaayyeffataatti gargaaramuun gandoolii kanneen filatteetti. Akkasumas, namoonni qorattuun odeeffannoo irraa sassaabbatte dubartoota 30 irraayi. dubartoota kanneen filachuuf qorattuun akaakuuwwan iddateessuu miti carraa keessaa immoo mala iddateessuu darbaa dabarsaa(Iyyaafannoo)(Snow-Ball Sampling) fayyadamteetti.

### **3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee**

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu keessatti, ragaa funaannachuun hojii isa hangafaati. Qorannoo akkamtaa gegeessuuf malleen odeeffannoon ittiin funaanamu adda addaa kanneen akka daawwannaa Af-gaaffii, mariin garee xiyyeeffatamaa, dookimentii sakattaa'uufi meeshaalee Suur-Sagalee(audio-visual materials)fa'a akka gargaaramnu Dastaan, (2013, f.33) Marietjie fi Marieta(2001) wabeeffachuun ibsa. Qorattuunis kanuma bu'uura godhachuudhaan

qorannoo ishee keessatti malleen armaan olii keessaa af-gaaffii , marii garee xiyyeeffannaa fi meeshaalee suur-sagalee (audio-visual materials) gargaaramuun odeeffannoo qorannoo isheef barbaachisan sassaabbatteetti.

### **3.5.1. Afgaaffii**

Afgaaffiin gosoota ragaan qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan ragaa barbaaduufi odeeffannoo kennan fuulaa fuulatti walarguun ragaa kan waliif kennaniidha. Dhugummaa qorannichaa mirkaneessuuf odeeffannoo dhimmicha gadi fageenyaan beekan kan gaafatamaan ta'u. Kunis qorattuu fi iddattoowwan fuulaa fuulatti walarganii ragaa waliif kan kennaan yammuu ta'u. Malli funaansa ragaa kun, ragaa baay'ee murteessaa ta'e bifa gaaffii banaa qophaa'een kan gaafatameedha. Yaada kana Dastaa (2013, f. 111) akka ibsutti, "Odeeffannoon afgaaffiidhaan funaanamu waanti gaarii isa taasisu qorataan yookaan qorattuun gaaffii dhiyaatu sirriitti ifa gochuun ibsuufi odeeffannoo kennaan gaafachuu danda'uu isaa/isheeti." Hayyoonni adda addaa faayidaa mala kanaa kallattii gara garaatiin ibsu. Addunyaa (2011, f. 64) yoo ibsu, "Malli beekumsa dhimmicharratti qaburraa kan ka'e kanneen odeeffannoorraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ragaan iddatto sanarraa argamu akka gaariitti hawaasa Aanichaa bakka bu'uu nidanda'a jedhameetu. Bu'uuruma kanaan dubartoonni afgaaffiin dhiyaateef kanneen akka iddattootti gandoolii xiyyaffannoo qorannichaa ta'an keessaa filatamaniidha. Qorattuunis dubartoota kanneeniif gaaffii afaanii dhiyeessuun yaadolee isaanii qaaccessuun qorannoo ishee geggeessiteetti.

### **3.5.2. Marii Garee Xiyyeeffatama**

Mala qorattuun ragaa ittiin sassaabbatte keessaa tokko marii gareeti. Meeshaan funaansa ragaa kun, dhiimmoota marii barbaadan kanneen xiyyeeffannoo qorannichaa ta'an irratti qorattuun dubartoota akka iddattootti filataman waliin kallattiin wal arguun mar'achiisuuf gargaara waan ta'eef. Kana gochuuf qorattuun tokko tokkoon gandoota filattee keessatti garee marii kana geggeessu tokko tokko filachuun walumaa galatti gareewwan sadi akka faaruwwan yookiin Afwalaloo da'umsaa irratti marii godhan taasifteetti. Tokko tokkoon gareewwan kanneenii namoota ja'a ja'a walumaagalatti namoota kudha saddeetitu marii garee kana keessatti hirmaate.

### **3.6. Mala QaaccessaRagaalee**

Qorannoon kun akkataa itti fayyadama afaanii afwalaloo da'umsa irratti maal akka fakkaatu qoqooduun kan qaacceeffameedha. Malli kun itti fayyadama afaanii afwalaloo da'umsarratti itti gargaaramnu gadi fageenyaan hubachuuf kan gargaaruudha. Haaluma kanaan, hirmaattootarra odeeffannoon afgaaffii fi marii garee xiyyeeffatamaa irraa agaman, qabiyyee isaan ittiin walfakkaatan bakka tokkotti fiduudhaan akkaataa ergaan isaanii walfakeenya qabutti toora tooraan ykn jecha jechaan ilaaluun hiika kan itti kennamu yoo ta'u, ragaaleen af-gaaffii mobaayiliin waraabaman kaayyoo qorannichaa qofarratti hundaa'uudhaan yaadota argaman gara barreeffamatti jijjiiramuun kan dhiyaateedha . Dhumarrattis odeeffannoo karaa hundaan madda adda addaarraa argaman walitti fiduun jechaan kan ibsameedha.

### **3.7. Qindoomina Qabiyyee Qorannichaa**

Qorannoon kun boqonnaa shan kan ofkeessaa qabu yoota'u, boqonnaan tokko seensa. Seensa jalatti kan hammataman seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaa, haala ibsa naannoo qorannichaati. Boqonnaan lama immoo, sakatta'a barruuwwan walfakkaataniiti. Kana jalatti barreeffamoota garaagaraa kanneen maataduree qorannichaa wajjin deemaniifi hubannoon irraa argamuu danada'u dubbisuudhaan mataduricha wajjin walsimsiisuun dhihaate. Kana malees, qorannoowwan adda addaa fayyadama afaanii da'umsaa irratti qorattoota garaagaraatiin taasifame sakatta'uudhaan iddoo itti dhihaateedha. Boqonnaan sadii mala qorannichaa yommuu ta'u, isa jalatti saxaxa qorannichaa, gosa qorannichaa, madda odeeffannoo, meeshaalee funaansa ragaafi tooftaa ragaan itti xiinxalame, akkasumas qindoomina qabiyyee qorannichaa fi naamuusa qorannoo ofkeessatti qabatee jira. Boqonnaa afur jalatti immoo, xiinxalaafi hiika ragaaleetu dhihaate .Boqonnaa shanaffaa keessatti guduunfaa, argannoo fi yaada furmaataa /yaboo qorannichaatu dhihaate.

### **3.8.Naamusa Qorannichaa**

Hojii qorannoo keessatti naamusni qorannoo gahee guddaa qaba. Newman (2007, f. 5) akka barreessetti seeraafi naamusa karaa seera qabeessaan eeguun qorataan/ttuun icciitii irraa qoratu/ttuu eeguufi hawaasa isaa qoratu/ttu kabajuun odeeffannoo barbaachisaa fudhachuuf kan adeemsisu/tu ta'uu ibsa. Kunis qorannoo geggeeffamu keessatti icciitii hawaasichaa eeguun qulqullinaafi amanamummaa qabaachuun hawaasichaaf akka oolu gochuu keessatti qooda

guddaa qaba. Kanaafuu, qorataan/tuun odeefkennitootaaf ofibsuufi xalayaa seeraa qorannicha akka gaggeessuuf/tuuf kennameef qabachuun barbaachisaadha. Kana malees, aadaa, duudhaafi saafuu hawaasa naannoofi odeefkennitootaa kabajuufi eguun dirqamaa qorataa/ttuuti.

## **BOQONNA AFUR: IBSAA FI QAACCESSA RAGAALEE**

### **4.1. Itti Fayyadama Afaanii afwalaloo Da'umsarratti**

Mata duree kana jalatti itti fayyadama afaanii afwalaloo deessuu da'umsa irratti hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa dhimma itti bahaa jirutu xiinxalame. Askeessatti taateewwan yeroo da'umsa duraatii kaasee hanga da'umsa boodaatti raawwataman hedduutu jiru. Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa taateewwan raawwataman irratti osoo hin taane, yeroo taateewwan kunneen raawwataman afwalaloo haawasni aanichaa itti dhimma bahu xiinxaluudha. Da'umsa duraa kan jedhamu deessuun tokkoo osoo hin da'iin dura wantoota da'umsa sanaaf barbaachisan yemmuu isheen itti qopheeffattu jechuudha. Yeroon da'umsaa garuu erga ciniissuun ishee jalqabee kaasee wantoota raawwataman yemmuu ta'u, da'umsi boodaa immoo erga deessuun deessee booda taateewwan raawwatan kan ibsuudha. Kanaafuu, akkaataa fayyadama afaanii afwalaloo deessuu da'umsarratti hawaasni Aanichaa itti gargaaramu duraa duubaan akka armaan gadiitti xiinxalamee jira.

#### **4.1.1 Fayyadama Afaanii Afwalaloo Deessuu Da'umsa Duraa**

Hawaasa Aanaa Oomoo Naaddaa biratti dubartii ulfa garaa qabdu yemmuu argan jechamoota garaa garaa kanneen akka, '**garaatti baatti**' , '**dadhabduudha**' , '**nama ruuhii lamaati**' fa'a jedhu. Jechamoonni kunneen hunduu dubartiin tokko ulfa garaa qabaachuu ykn ulfa'uu ishee agarsiisu. Kanas, qorattuun afgaaffii gaafa guyyaa 17/07/2014tti jiraattuu Ganda Waaqtolaa Yasribaa Abdoof dhiyessiteen jechamoota armaan olii kanneen akka hawaasni itti gargaaramu mirkaneeffatteetti. Haata'uu malee, yeroo ammaa kana itti fayyadamni afwalaloo deessuu da'umsa irratti itti gargaaramaa jiru sababoota kanneen akka ilaalcha amantaa fi haawwan(dubartoota) umurii giddu galeessaa tokko tokko biratti yeroo deessuu dubbisan ykn mana deessuu dhaqan afwalaloo deessuu ittiin faarsan wallaaluu irraa kan ka'ee yaada isaanii ibsachuuf rakkachaa jiraachuun isaanii itti fayyadamni afaanii afwalaloo kun gadi bu'aa akka dhufe qorattuun mirkaneeffatteetti.

#### **4.1.2 Faayyadama Afaanii Afwalaloo Yeroo Da'umsaa**

Aadaa uummata Oromoo keessatti dubartiin deessu kabaja guddaa qabdi. Dubartiin ji'a sagal garaatti baatee gaafa da'umsi ishee ga'ee ciniinfachuu jalqabdu, dubartoonni ollaadhaa ni waamamu. Yeroo kanas muuxannoofi ogummaa warri qaban akka itti da'an, ciniinsiifatan

nigorsu. Dubartoonni kunniinis itti naanna’anii waaqni akka gargaaru kadhatu. Yeroo faaruu jedhamu akka waaqaatti kan isaan waaman/kadhatan ‘Maaramii’ dha. Haata’uu malee, namoota tokko tokko biratti Maaraam waamanii kadhachuun sirrii miti jedhamee fudhatama. Kanaaf, bakka ‘Maaraam’ jedhutti “Rabbi” yookiin “Waaqa” isa jedhuun bakka buusanii kadhatu. Kunimmoo, kadhannaa taasifamuun walqabatee ilaalchonni garaa garaa jiraachuu isaa agarsiisa. Kanaafuu, yeroo da’umsaa kan jedhamu deessuun tokko erga ciniinfuun qabee kaasee wantoota raawwataman kan ilaallatu yoo ta’u, kanaan walqabatee itti fayyadamni afaanii bifa garaagaraatiin hojii irra oolu..

#### **4.1.2.1 Deessuuf Kadhachuu Keessatti**

Namoonni deessuun tokko da’uuf jette gaafa ciniisiifattu, deessuu sanaaf nikadhatu, kanas Haadha Fira A/Olii fi Haati Maashar A/Jabaal afgaaffii gaafa guyyaa 04/08/ 2014tti qorattuun isaan gaafatte irratti akka jedhanitti, “Dubartoonni ollaa gaafa deessuu ciniinfuun jalqabu gara mana deessuu sanaa deemuun nijajjabeessuu,” jedhu. Ibsa isaanii keessattis, deessuun tokkoo ji’a ishee fixxee ciniinfuun yeroo ishee jalqabu, dubartoonni ollaa dhufanii osoo ol hin seeniin ulaa balbalaa yemmuu ga’an callisanii ol hinseenan sabbata isaanii hiikkachuun Maaram(Rabbi) kadhachuudhaan akka isaan olseenan himaniiru. Itti fayyadamni afaanii kunis kan itti aanuudha.

**“Ani si hikeeraa, Maaram si haa hiiktu.”**

**Yaa Maaram hiikuus beektaa, hidhuus beekta ati hiiki.** Jechaa sabbata mudhii irraa hiikkachaa ol seenu.

Akka ragaa armaan olii kanaatti, ‘Ani si hikeera’ yaadi jedhu ‘Ani akka ati hiikamtuuf sabbata mudhii koo irra jiruu hiikeera, [Rabbi] Maaramis si haa hiiku/tu jechuu akka ta’e yaada kennamerraa hubachuun danda’ameera. Buufata kana keessatti jechi “si hiikeeraa” jedhuu hiikni isaa “si fureeraa” kan jedhu ta’a.

Armaan olitti haawwan qorattuun odeeffannoo irraa fudhatte ergaa buufata olii kanaa yemmuu ibsan akkas jedhu, “Deessuun tokko ciniinfuun ishee jalqabee yeroo dhiphataa jirtutti dubartoonni ishee biratti argaman [Rabbi]Maaram akka ishee hiikuu/tuuf kadhannaa kadhatamuudha,” jedhu. Ibsa isaanii kana keessattis, haawwan iddoo sanatti argaman deessuu tokko erga ciniinfuun qabee kaasee hanga isheen deessuutti osoo addaan hin kutiin [Rabbiin]maaramiin akka isaan kadhatan nama hubachiisa. Haata’uu malee, akkaataa isaan itti

Rabbiin[Maaraamiin] kadhatanii fi deessuu ittiin jajjabeessan kun namoota Amantaa Muslimaa hordofan tokko tokko biratti fudhatamummaa dhabuu irraa kan ka'e akka isaan ilaalcha garaagaraa qabaatan taasisuu isaa hubachuun ni danda'ama.

Dabalataan, itti fayyadamni afaanii isaan faaruu ammootarii keessatti itti gargaaraman akkaataa armaan gadiitti xiinxalamee jira.

### Weedduu Ammootarii

Weeddiftuu	jalaa qabdoota
Ammootari ammalleetari yaa maaree	Ammootarii ammalleetarii yaamaaree
Yaa deessuu waalluun koobee	
Maaraamtu boroo goonfee	
Dhirsatu balbalaa kolfee yaa maaree	Ammootarii ammalleetarii yaamaaree
Ayyambar gabaabduudhaa	
Gabaabduu kurfoo siitii	
Haati ilmaa dagaagduudhaa	
Dagaagduu ulfoo siitii yaa maaree	Ammootarii ammalleetarii yaamaaree
Ayyambar boroo jirtii	
Deessuudhaaf godoo hirtii	
Dhabduudhaaf qophoo himtii yaa maaree	Ammootarii ammalleetarii yaamaaree
Yaa ishee ilmoo qabduu dhirsi gumaadhaan hawwa	
Ollaan gumaataan hawwa yaa maaree	Ammootarii ammalleetarii yaamaaree

Jechuudhaan faaruun calanqisiisuun kabaja abbaan manaa, hawaasni akkasumas ollaan deessuuf qabutu mul'ifama. Dabalataan, jajju Maaraamiif qaban afwalalootti gargaaramuun yeroo isaan ibsan kan agarsiisuudha. Fakkeenyaaf, faaruu armaan olii kana keessatti buufata 1-3 irra kan jiran keessaa boo'oowwan 3ffaa, 5ffaa, 6ffaa, 9ffaa, 10ffaa fi 11ffaan kabajaa fi jajju hawaasni Maaraamiif qaban kan agarsiisan yemmuu ta'u, boo'oo 2ffaa, 4ffaa, 7<sup>ffaa</sup> fi 8<sup>ffaan</sup> immoo kabaja isaan deessuuf qaban kan mul'isaniidha.

Afwalaloo armaan olii kana boo'oo 2ffaa irratti 'yaa deessuu waalluun koobe' kan jedhu deessuun miidhagduu fi kan Rabbi ishee bareeche ta'uu kan agarsiisu yoo ta'u, boo'oo 7ffaa fi



8ffaan ‘Haati ilmaa dagaagduudhaa...Dagaagduu ulfoo siitii...’kan jedhu dubartiin dhala qabdu kabajaa fi ulfina qabaachuu ishii agarsiisu. Kunis deessuun akka jajjabaattuu fi miira ciniinsuu irraanfachiisuuf gargaara. Dabalataan, boo’oowwan Maaraamiin jajuu waliin walqabatanillee deessuu eegumsa waaqaa qabaachuu ishee agarsiisa.

Dabalataan, faaruu armaan gadii jechuun Rabbiin kadhatsuuf.

Yaa Rabbi sillee sillee

Deessuun ciniinfuu hinjiillee

Utuu ciniinfuu jiltee

Dhirsaa isii hinqanansiiftuu

Harka isii hin hammachiiftu yaamaaree

Ulfa garaadhaa qabdii

Deessee of jalaa qabdikaa yaamaaree jedhu.

Afwalaloo armaan olii keessaatti deessuu jajjabeessuuf dubartoonni ollaadhaa dhufan yookiin firoomni ishee itti fayyadama afaanii akkamii gargaaramuun akka ishee jajjabeessantu yookiin Rabbiin kadhataaniiftu irraa hubatama. Kunis, da’umsi kennaa Rabbi akka ta’ee fi deessuunis si’a tokko ciniinfatee deessus cinqii da’umsa jalqabaa irratti ishee muudate yaadde lammaffaa da’uu hindhiiftu. Kana immoo akka boo’oo 2<sup>ffaa</sup> irraatti kaa’ameetti ‘*Deessuun ciniinfuu hinjiillee*’ jedha. Cinqii ciniinfuu da’umsa isa duraa irratti ishee muudate yaadde marsaa kana da’umsa dhaabuu hin barbaanne. Osoo lammaffaa dhala hinbarbaaddu ta’heetii abbaa manaa isheetii waliin walqunnamtii saalaa hin raawwattu ture. Kanaaf, Rabbi cinqii ciniinfuu irratti ishee qunnamu akka laaffisuuf kadhata. Boo’oowwan 3ffaa hanga 7ffaa kanneen jiranis yaaduma kana jabeessu. Haata’uu malee, itti fayyadama afaanii afwalaloo da’umsaa keessatti hawaasni deessuu itti faarsu gaarii ta’us, amantaa haawaasichi hordofu sana biratti guyyaa shan lakkaa’uu fi akkaataan kadhannaa isaanii rakkoo qabaachuu qorattuun yaada namoota odeeffannoo irraa sassaabbattee irraa mirkaneeffatteetti.

#### **4.1.3. Fayyadama Afaanii Afwalaloo Da’umsa Booda**

Akkuma beekamu biyyaa keenya keessatti aadaawwan hedduutu jiru. Isaan keessaa:- Shananiin isa tokko. Shanan jechuun dubartiin ulfi deessee erga guyyaa shan bultee booda, gaafa guyyaa 5<sup>ffaa</sup> ishiitti kan raawwatuudha. Akkaataan kabaja shaanaanii kun duraa duuba mataa isaa eegee

dhihaata. Innis dubartiin ulfi tokko yeroo dahuutti dhihaattuu qophiiwwaan isheen raawwachuu qabdu tartiibaan yeroo eeramu, jalqaba wantootni Shananii baasuuf barbaachisan ni bitamu. Isaanis:- Garbuu ,Talbaa, Suunqoo, Qulluubbii, Oogihoo, Qulunfulii, Dhadhaa, Buna duudaa ijjisaa guutuu qabu (kan hin qashiramiin) jechuudha. Akkasumas Haaduun, Sanaagaan bitamee ka'ama.

Wontootni armaan olitti ibsaman kunneen haalli isaan itti qophaa'aan immoo bifa kanaa gadiitiin dhihaata. Isaanis:- garbuun ni faddagama, Talbaan, suunqoon, ogihoo fi qulunfuliin immoo keessaa funaanamee erga ka'amee booda garbuun faddagamee(tumamee sirritti qolaa isaa irraa baafamee) ture, Aduutti gogfama. Garbuun kun erga gogee booda ni suufa'aama. Achin booda garbuun suufa'amee fi ufgooftuun qopha'anii turan walitti makamuun ni daakama.

Dubartiin ulfii kun erga wantoota kanaa olii qopheeffatee booda, yeroo ciniinfuun qabu Haaduun, kirrii fi Bunni qophaa'ee sun gingilchaa Migira irraa tolfamee keessa kaa'amuun mata duree dubartiittii ciniinfattuu kaa'ama. Sababni isaas akka ciniinfuun itti hin cimneef jedhama. Dubartittin deessee guyyaa shan yeroo guuttu immoo shanaanii kabajuuf waantoota armaan olitti qopha'anii jiran kana dubartootni naannoo sana jiran walitti dhufuun shanaanii kanarratti hirmaatu. Dubartootni irratti hirmaatanu kun yeroo wamamanuu akka jarrii hin oolleef miidhaan keessaa Boqqolloon harki tokko tokko itti hiramnaan namootni midhaan sana fudhatan (boqqolloo sana bulluqsuun ykn xiqqoo akaahuun daakanii kanaa immo warri ollaa ishee guyyuma sana galgala garbuu daakamee qophaa'ee jiru bukeessuun akka inni Ittoo ta'ee Marqaan ittiin nyaatamuf qopheessu. Garbuun buka'ee sun ' Daxxoo' jedhamee waamaama.

Haaluma kanaan ganamasaa boqqolloo harkaan daakame sana dubartootni harkatti qabataniin gara nama deessutti deemu. Dubartootni wamichii godhameef sun garee lamatti qoodamuun, gareen inni tokko qorichaa deessuun ittiin itti dhiqattu funaansa gara bosonaa deemuun, mukkeen keessaa kanneen akka Ceekaa, Caffee galii, Makkannisaa, Hidda Bofaa, Dhummuugaa, Hancabbii, Midhaan durbaa, Ulmaayee, Urgeessaa fi kkf funaananii gara nama deessutti yeroo dhiyaatanu ni iliilchu. Sanaagaa bitamee duraan jiru dubartiin humna qabdu tokko harkatti qabattee gidduu namoota qoricha of harkaa qabaniin galtee akkana jechuun sirbuu jalqabdi:-

Ehee hee yaa maaree

Gaafa arbii yaamaaree

Ehee hee yaa maaree  
Xilaan zalfiidha kan maaree  
Ehee hee yaa maaree  
Maareehoo koo yaamaare  
Ehee hee yaa maaree  
Maartuu lookoo yaa maaree  
Ehee hee yaa maaree  
Deessuun akkana jette yaa maaree  
Ehee hee yaa maaree  
Dinqa koo hin darbin jette yaamaare  
Ehee hee yaa maaree  
Daatii koo hin argin jettee yaa maaree  
Ehee hee yaa maaree

Jechuun Sanaagaa wal harkaatti qabuun sirba kana olii jedhaa ililleedhaan wal harkatti cabsuun ililchaa ol seenu.

- ❖ Yaadoleen armaan olitti ka'an akkaataa sirni shananii itti raawwatu kan agarsiisan ta'uun kaayyoo qorannoo kanaa ta'uu baatus, qorattuun afwalaloo yeroo shananii jedhamu maal akka ta'ee adda baasuuf kan tarreessiteedha.

Qorattuun afwalaloo da'umsaa armaan olii kana afgaaffii Aadde Aayishaa AbbaaTamaamiif gaafa guyyaa 17/07/2014 dhiyeessuun yeroo isaan walaleessan kan waraabbatteedha. Afwalaloo kana keessatti '*Dinqa koo hin darbin ... 'Daatii koo hin argin'* jette deessuun jechuun warri kabaja shananii irratti argaman faarsu. Kunis kan jedhamuuf deessuun dubartoonni shananii irratti argaman ilmoo isheetti budaa ta'uu malu jettee waan raajattuuf yoo ta'u, dubartoonni kunneen akkuma ishii dhala qabaachuu isaanii yookiin akkuma ishii dhala argachuu waan danda'aniif kan itti aanu kana jechuun faarsu.

Daatii kee mucaa seetee yaa maaree  
Ehee hee yaa maaree  
Anaa kee budaa seetee yaa maaree

Ehee hee yaa maaree  
Daheetis lafaan qabaa  
Dahuufis garaan qabaa  
Ulmaahee daheerakaa

Deessuu dinqi urgaaheerakaa yaa maaree jechuun weeddisu.

Dabalataan, dubartoota shanani irratti argaman keessaa garee inni biraa immoo qoricha deessuun qaamaan dhiqattu cabee dhufe keessaa mukni ulmaayee dheeraan isaa cabsamee mata duree deessuutti hirkifama. Sababni mukichi ykn ulmaayeen ulee mucaa jedhamee waamaama. Akkasumas, daa’imti dhalate/tte sun akka muka kanaa haa dheeratu/ttu jedhama. Dubartoonni waliin jireenya hawaasummaa keessatti walitti dhufeenya gaarii ta’e uumuun deessuu ulmaa leencaa ciisaa jirtu sana guyyaa shanan dahumsaa gammachuu ishee qoddachuuf walitti dhufuun deessuu sana tajaajiluun dugda ulmaayee sukkumaa, urgeessaa, ililleen walitti dabaalu.

Guyyaa kana dubartiin hawaasa biratti jaallatamtuu, kabajamtuu fi dagaagduu taate kan Ganniyyee jedhamtee wamamtuun eebbi deessuuf taasifamu eegala. Innis akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Ulmaa nagaa ciisii  
Ulmaa Leencaa ciisii  
Qoma fayyaa ta’i  
Daa’imaa mirgisii  
Ofii siddisii  
Waggaan horii  
Haadha lakkuu ta’i  
Ishoo! Ishoo!

Jechuudhaan jechamatti gargaaramanii deessuu deessee ciisa jirtu eebbisu. Askeessatti jalqaba irratti jechamni ‘*Ulmaa nagaa ciisi*’ jedhu hiikni isaa ‘ciisicha nagaa ciisi’ jechuudha. ‘*Ulmaa Leencaa ciisi*’ jechuun immoo ‘kabaja ykn ulfina qabaadhu’ jechuudha. ‘Qoma fayyaa ta’i...Daa’imaa mirgisii’ jechuun harmi kee nagaa ta’ee daa’imaaf Aannan haa laatu jechuudha. jechamoonni ‘*Ofii siddisii*’, ‘*Waggaan horii*’, ‘*Haadha lakkuu ta’i*’ jedhan immoo eebba olii kana

keessatti deessuun osoo qaamni ishee hin dadhabin(hincabin) waggaa itti aanus deessee haadha ilmaanii akka taatu fedhii fi haawwii qabanu ibsachuun eebisu.

Ishee deesse eebisuu qofa osoo hin taane, dubartii ishee ilma hin qabnes waggaa kana dugdi ishii mucaa haa baatu jechuun wal-eebbisaa jaalalaa fi marartee waliif qabanu ibsatu. As keessatti jechamni ishee ilma hin qabneef ‘*Dugdi ishii mucaa haa baatu*’ jedhu ‘ilma haa argattu’ jechuudha.

#### **4.2. Itti Fayyadama Afaanii Afwalaloo Eenyummaa Deessuu Mul’isan**

Ummanni Oromoo dubartii deessuu fi ishii maseena(dhabduu) taateef afwalalootti gargaaramuun eenyummaa deessuu yookiin dhabduu ibsata. Hawaasni Aanaa Oomoo Naaddaas dubartii dhiira yookiin dubara deesseef afwalalootti gargaaramuudhaan garaagarummaa dhala deessuun argattee irratti mul’ate faaruun ibsu. Kana jechuun ishee ilma dhiiraa deesseen waan jedhanii faarsan qabu. Akkasumas, kan daa’imni ishii dubara taateenis waan jedhanii faarsan qabu. Akka odeefkennitoonni Haadha Kumaa A/Boorii fi Aadde Kumee Jamaal afgaaffii gaafa guyyaa 5/08/2014 qorattuun mata duree kanaan walqabsiiftee gaafatte irratti akka ibsanitti faaruun deessuu dhiiraa deessee fi ishii dubara deesseef jedhamu jiraachuu isaa ragaa bahu. Faaruun kunis akka itti aanutti dhiyaateera.

#### **Ammootarii ammalleetarii yaa maaree**

Dubbii abbaa fardaa beekaa

Lafa dirree jaallata

Lafasii gufuu hin qabne yaa maaree

Dubbii abbaa warraa beekaa

Qe’eesaa mukuun qabne

Haadha ilmaa caalchifata yaa maaree

Durbi maal balleessite

Qe’ee abbaa bareechite yaa maaree

Soddaa burundoo qabdi

Banjaa bullukkoo qabdi yaa maaree

Akooftee qaami jetti

Dadhabdee taa'ii jetti yaa maaree jechuun deessuu daa'ima dubara deesse faarsu.

Buufattoonni sadan afwalaloo armaan olii kun kan agarsiisu dhirsi(abbaan warraa) yeroo baay'ee ilma dhiiraa argachuutti kan gammadu ta'us, ilmoo dubaraa argachuunis kan hin jibbamne ta'uu agarsiisa. Kanaaf, deessuun daa'imni ishee dubara taate, maal jedhamuun akka faarfamtuu fi dubarri bu'aa akkamii akka isheen qabdu agarsiisa. *Buuf-1<sup>ffaa</sup>* keessatti *boo'oo 5<sup>ffaa</sup>* irratti *qe'ee dubarri jirtu ishqii(gammachutu) jira* waan ta'eef, abbaan warraa haati warraa isaa dubara da'uu isheetti gammada. *Buuf-2<sup>ffaa</sup>* keessattis sababa dubarri qe'ee keessa jiraachuutiin abbaan warraa soddaa argata, kabaja qabaata akkasumas kennaa argata. *Buuf-3<sup>ffaan</sup>* immoo dubarri dhalachuun haadhaaf aaragalfii ta'uu agarsiisa. Yeroo guddatte hojii mana keessaa haadha gargaarti waan ta'eef, dubarri mararfamtuu ta'uu ishii agarsiisa.

Walumaagalatti, faaruun armaan olii eenyummaa deessuu durba deessee ijaaruufis kan ooluudha. Kunis, akkuma abbaan warraa tokko tokko ilma dhiiraa qofa argachuu hawwu, kanneen dubara argachuu isaaniitti gammadan kan jiran ta'uu agarsiisa.

Gama biraatiin, ilma dhiiraa argachuun baay'ee kan jaallatamu akka ta'ee fi akkuma ishee durbaa waan jedhee qalbii haadhaa aaragalfachiisu qabaachuu afwalalootti gargaaramuun yemmuu ibsan faaruu armaan gadii kan faarfamu ta'uu qorattuun Aadde Kumee Jamaaliif afgaaffii gaafa guyyaa 05/08/2014 dhiyeessiteen sagalee waraabduutti gargaaramtee kan waraabbatte barreeffamatti jijjiiruun akka armaan gadiitti keessee jirti.

### **Ammootarii ammalleetarii yaa maaree**

Yaa Maaraam garaa ginjoo

Ni caala dubbiin ilmoo yaa maaree

Keessattii dubbiin ilmaa godoon sii jaara jedhaa

Godaan si waama jedha yaa maaree

Utuma baddee baddee

Guboon diinichaan hin baduu

Utuma baddee baddee

Haatii ilma doofaa hin badduu yaa maareejechuun deessuu faarsu.

Buufattoota faaruu armaan olii keessatti daa'ima da'uun ulfina ta'us, ilma dhiiraa da'uun ni caala yaada jedhu kan qabuudha. *Boo'oo 3<sup>ffaa</sup>* irratti '*Keessattii dubbiin ilmaa godoon sii jaara jedhaa Godaan si waama jedhaa*' ilmi dhiiraa yoo dhalate hojii humnaa hojjetee haadhatti mana ijaaree hiyyummaa keessaa baasa. *Buuf- 2<sup>ffaa</sup>* n faaruu armaan oliis kan agarsiisu, ilmi dhiiraa guddatee fuudhee dhala fufsiisa jedhamee waan yaadamuuf, haatis taate abbaan ilma dhiiraa argachuutti gammadu. Faaruu kana keessatti malleen dubbii keessaa *akkasaa* gargaaramuun haadha ilma dhiiraa deessee fi '*guboo dinnichaa*' waliin dorgomsiisuuf dhimma itti bahameera. Guboon Dinnichaa gaafa roobni roobe deebi'ee waan latuuf, haati ilma dhiiraa deessee akkuma kana ilmi ishee qe'ee ishii irraa osoo hin fagaatin achumatti fuudhee maatii horachuun dhala daddabala.

Dabalataan, ilma dhiiraa da'uun jaallatamaa fi kabaja kan deessuutti horu akka ta'eefi dubara qofa da'uun salphina jedhanii qaamoleen yaadanis jiru. Kana irratti akka qorattuun marii garee xiyyeeffatamaatiin gaafa guyyaa 25/07/2014 tti dubartoota ganda Sayyoo Adaamii waliin taasifteen faaruun ammootarii kan ilma dhiiraa da'uun jaallatamaa ta'uu isaa agarsiisu jiraachuu isaa mirkaneeffatteetti. Faaruun kunis kan armaan gadiiti:-

#### **Ammootarii ammaalleetarii yaamaaree**

Yaa deemtuu karaa jimmaa

Yaa deessuu garaa ilmaa

Mataa kee jigaa kanaa

Utuma marfeen saaqanii

Maqaa kee durbaa kanaa

**Alfiyyaa** utuma ilmaan siwaamanii yaamaaree

#### **Ammootarii ammalleetarii yaamaaree**

Silaa qolee koo cabaa

Boraatii qabaaf malee

Silaa maqaa koo badaa

**Ridaa** koon qabaaf malee yaamaaree

Afwalaloo armaan olii kana buufata jalqabaa keessaa boo'oowwan dhumaa lamaan irraa hubachuun kan danda'amu, deessuu durba deessee fi ilma dhiiraa hinqabneef maqaa ishee

waamuun “utuma ilma dhiiraa qabaatee haadha ilmaa jedhamtee...” jechuun haawwii deessuuf qaban ibsu. Buufatni itti aanus kan agarsiisu ilma dhiiraa da’uun kabaja yookiin ulfina akka ta’eedha. Kanas boo’oo dhumaa irratti daa’ima dhalate maqaa dhahuun dhalachuun isaa akka deessuutti kabaja hore ibsu. Akkuma boraatii irra ciisuun qoleen akka hin cabneef gargaaru, ilma dhiiraa da’uunis kabaja yookiin ulfina deessuutti hora. Haata’uu malee kun uumama waaqaa walcaalchisuu akka ta’ee fi yeroo biyyi keenya Itoophiyaan sirna Dimokraasii walqixxummaa koorniyaa calaqqisiisu hordofaa jirti jedhamu kana keessatti ilaalcha akkasii qabaachuun dogoggora akka ta’e hubachuun ni danda’ama. Egaa, faaruu olii keessatti malleen dubbii keessaa akkasaan karaa alkallattin dhimma itti bahameera. Jechamni ‘*maqaa baduu*’ jedhu ‘ulfina(kabaja) dhabuu jedhuudha.

- Buufata jalqabaa irratti ‘**Alfiyyaa**’ kan jedhame maqaa deessuu odeefkennitoonni faaruu keessatti gargaamaniidha malee, kan deessuu hundaaf kennamee miti.
- Buufata lammataa irratti ‘**Ridaa**’ kan jedhu maqaa daa’ima dhalatee kan odeefkennitoonni yeroo faaruu sana jedhan itti dhimma bahaniidha malee maqaa daa’ima dhalate hundaaf moggaafamu miti. Kun immoo itti fayyadama afaanii afaan guyyuu akka hin taanee fi bakkaa bakkatti garaagarummaa kan qabu ta’uu isaa agarsiisa.

Gama biraatiin, deessuun osoo ilma dhiiraa argachuuf hawwaa jirtuu akka tasaa kan dhalatte dubara yoo taate, dubartoonni shananiin irratti argaman akka isheen ilma dhiiraa argachuu dandeessuu fi dharraa ishii akka guutuu danda’u afwalaloo gargaaramuun abdiin itti horu. Kanaaf immoo faaruu armaan gadii kana akka jedhaniin faarsaan odeefkennitoonni Aadde Aayishaa A/Tamaam afaaffii gaafa guyyaa 17/07/2014 qorattuun gaafatte irratti eeraniiru.

Ammootarii ammalletarii yaamaaree(x2)

Karumtii Gommaan dhaquu

Naanna’ee Jimmaa gala yaamaree

Ammootarii ammalletarii yaamaaree(x2)

Garumtii durba dahee

Nanna’ee ilmaan gala yaamaree

Ammootarii ammaalleetarii yaamaaree



Akka faaruu armaan olii kanatti garaan ilmoo dubaraa da'e dhiiras da'uu akka danda'u dubartoonni shananii irratti argaman faaruu jedhaa deessuutti hamilee horu. Kun immoo eenyummaa deessuu ijaaruuf akka gargaarus yaada odeeffkennitootaa irraa hubachuun danda'ameera.

Dabalataan, afgaaffii qorattuun marii garee xiyyeeffatamaatiin gaafa guyyaa 26/07/2014 tti dubartoota ganda Biisoo Gomboo waliin taasifteen faaruun ammootarii hamilee deessuu jajjabeessuuf jedhamu jiraachuu isaa mirkaneeffatteetti. Faaruun kun deessuu ilma dhiiraa da'uuf osoo hawwittuu dubara deesseefi dhabduu(maseena) kan taate walbira qabuun tasuma dhala dhabuu irraa durba da'uun filatamaa ta'uu isaa ibsa. Innis akka armaan gadii kana jedhamuun weeddifama.

### **Ammootarii ammallee tarii yaamaaree(2)**

Biddeena cabdee mannaa

Fayyaa bixilii wayyaa yaamaaree

Dhumuma dhabdee mannaa

Durballee deessee wayyaa yaamaaree

### **Ammootarii ammallee tarii yaamaaree(2)**

Durbinnis ajaa mitii

Lazzaa mommooqoo qabdi

Soddaa lommooxxoo qabdika yaamaaree

Faaruu armaan olii keessatti fayyadamni afaanii jiru gama jechootaatii jechoota guyyuu hawaasni fayyadamu irraa addummaa kan qabuu fi ergaa dabarsuuf barbaadame miidhagsuuf kan ooluudha. Fakkeenyaaf, qe'ee dubarri jirtu ishqiiin(gammachuun) jiraachuu isaa fi mukuun kan hin jirre ta'uu isaa ibsuuf jechama '*Lazzaa mommooqoo...*' kan jedhuu fi deessuuf soddaa bareedaa akka hortuu fi kabaja akka itti hortu agarsiisuuf jechama '*Soddaa lommooxxoo qabdikaa*' ittiin jedhu. Kanaaf, faaruun kun deessuutti hamilee horuun eenyummaa ishii ijaaruun keessatti shoora guddaa qaba.

### **4.3. Faaruwwan Da'umsaa Faayidaa Daa'ima Argachuun Qabu Agarsiisan.**

Namoonni erga walfuudhanii booda dhala argachuuf dharra'u. sababni isaas, daa'ima yookiin dhala argachuun ulfina namatti hora/rti waan ta'eef. Akkasumas, akka qabeenyaattis waan ilaalaniif. Faayidaa dhala qabachuun qabu haawwan yeroo da'umsaa faaruwwan garaa garaa jechuun faarsu. Faaruwwan kanneen qorattuun afgaaffii gaafa guyyaa 26/08/2014 tti odeefkennitoota galma gahiinsa qorannoo isheetiif filatte keessaa jirattoota Ganda Biisoo Gomboo kan ta'an Aadde Qamaruu Yaziidii fi Hambarii A/Jihaadiin gaafatte irratti duubdeebiin isaan kennan yaaduma kana mirkaneessa. Faaruwwan kunneenis kan itti aanu kana akka ta'e eeraniiru.

#### **Amootarii ammaalleetarii yaamaaree**

Waan lilmoon namaa taatu

Makiinsafii gaafadhuu

Waan ilmoon namaa taatu

Haadha deessee gaafadhu yaamaaree

#### **Amootarii ammaalleetarii yaamaaree**

Yaa isii ilmoo qabdu

Awwalli bahii keessaa

Kanumaa hizbii geessaa

Yaa isii ilmoon qabne

Awwalli hiddii keessaa

Kanumaa giddii geessaa yaamaaree

#### **Amootarii ammaalleetarii yaamaaree**

Ilmooleen walii lama

Haasummaan namaa ciirtii

Bunaan qaladhuu jetti yaamaaree

Hasaaftee namaa himti

Ifaan maladhuu jetti yaamaaree

## **Amootarii ammaalleetarii yaamaaree**

Ilmooleen walii lamaa

Tokko duutee boochifti

Tokko duultee boojiti yaamaaree

Duutee boochiisuu mannaa

Dultee booji'uu wayya yaamaaree

Buufattoonni afwalaloo da'umsaa armaan olii kun faayidaa dhala qabaachuun qabu kanneen agarsiisaniidha. Buufanni 1<sup>ffaa</sup> n akkuma lilmoon makiinsafii biratti huccuu walitti fiddee kirrii keessa baaftee walqabsiisuuf gargaartu ilmoon jaalala haadha manaa fi abbaa manaa gidduu jiru walitti fiddee cimsuuf gargaarti. Kanaafuu buufata kana keessatti faayidaan dhala qabaachuu faayidaa lilmoon makiinsafiif qabdutti fakkeeffamee ibsamee jira. kana irraa kan ka'e, haalawwan dubbii keessaa fakkoommiin dhimma itti bahameera. Buufatuma kana boo'oo lammaaffaa irratti itti fayyadama afaanii waliin walqabatee jechi '*Makiinsafii*' jedhu jecha Afaan Oromoo osoo hin taane jecha Afaan Amaaraati. Hiikni isaa 'nama huccuu hodhu' kan jedhu yoo ta'u, afwalaloo kana keessatti gama itti fayyadama afaaniitiin ergaa dabarfachuuf jecha afaan biraa keessa makuun jiraachuu isaa namatti agarsiisa. Buufatni lammaffaan immoo faayidaa dhala qabaachuun qabu jechamoota garaagaraatti gargaaramuun ibse. Fakkeenyaaf, deessuuf '*awwaalli bahii keessa*' jechuun dhala qabaachuu ishiitiin gaafa duute bakka mul'ataatti awwaalamti jechuudha. Akkasumas, jechamni '*hibbii geessa*' jedhu, baay'ina nama iddoo awwaalchaatti ishii geessuu hedduu ta'uu agarsiisa. Faallaa kanaa ishee ilmoo hinqabneef '*awwaalli hiddii keessaa*', '*kanumaa giddii geessa*' kan ittiin jedhan sababa dhala dhabuu ishiitiin gaafa duute iddoo awwaala ishii baddaa keessa akka ta'ee fi warri ishii awwaalanis muraasaa fi dirqiin kan ajajamaniidha.

Buufatni 3<sup>ffaa</sup> n immoo ilmoo yoo qabaatan kan hojii nama gargaartuufi yaada illee namaaf hirtu ta'uu ishii agarsiisa. Kanas '*haasummaan namaa cirtii...*'(qoraan namaa funaantii) jechuun ibsaniiru. Buufata dhuma irratti immoo daa'imni argame/te diina irratti duultee injifachuun gootummaa akka namatti hortu kan agarsiisuudha.

Dabalataan, kan ilmoo qabdu gargaarsa waan qabduuf, waan garaagaraa hojjetachuu akka dandeessuu fi kan ilmoo hinqabne nama ishee gargaaru dhabdee yaaddofti. Haala kanas faaruu armaan gadii kanaan ibsu.

## **Ammootarii ammalleetarii yaamaaree(x2)**

Yaa isii ilmoo qabdu  
Boroo keessaa naannoofiti  
Xinqissaa facafatti yaamaaree  
Yaa isii ilmoon qabne  
Mana keessaa naannoofiti  
Imimmaan facaafatti  
Yaa deessuu dhaggeeffadhu yaamaaree

Walumaagalatti, afwalaloon da'umsaa deessuu ittiin faarsuuf qofa kan tajaajilu osoo hin taane, dhalli argames/tes faayidaa inni/isheen deessuuf argamsiftu mul'isuuf illee kan faarfamu jiraachuu isaa hubachuun ni danda'ama. Haata'uu malee, itti fayyadamni afaanii afwalaloo da'umsaa gaheen inni eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti qabu yeroo ammaa dagatamaa jira.

### **4.4. Itti Fayyadama Afaanii Afwalaloo Dubartii Ilmoo Dhabdeef Jedhamu**

Akka odeefkennituun Aadde Jamiilaa A/Boor afgaaffii gaafa guyyaa 8/08/2014 qorattuun dhiyeessiteef irratti yaada kennitetti afwalaloo deessuu faarsuuf jedhamu keessattis dubarttonni dubartii ishee ilmoo hin qabneef, seera golaatiin waan dabe, waan cabe uumaa dhiifama gaafachaa “*Yaa Uumaa waan hunda uumte araar! Araar! jedhanii gudeeda dhabduu jiisi, dhabduu garaa fi dugdatti ilmaaf intala nuu baachisii, milki toleettii taasisi, dagaagsii diriirsi, bitaafi mirgatti ilmaaf intala hammachiisi, yaa uumaa hunda tolaa! Harka si jala qabannee*” jechuun uumaa isaanii kadhatu . Kadhannaa kana keessaatti jechamoonni garaagaraa dhimma itti bahamaniiru. Isaanis hiika isaanii waliin akka armaan gadiitti tarreeffamaniiru.

*gudeeda dhabduu jiisi*= **hormoonii dhala ta’u kenniif**

*dhabduu garaa fi dugdatti ilmaaf intala nuu baachisii*=**haadha ilmaanii taasisi.**

*milki toleettii taasisi*= **carra qabeetti taasisi(da’uuf)**

*dagaagsii diriirsi*=**hortee ishii daneessi**

*bitaafi mirgatti ilmaaf intala hammachiisi*= **haadha ilmaanii taasisi.**

Dabalataan, qalbii walii cabanii, imimmaan dubartii walii dhangalasanii “*yaa uumaa!hunda qixxee; gadaamessa dhabduu gadoomsi, harma dhabduu aannessi*” jechuun deddeebisanii

kadhachuun hawwii fi abdii qaban ibsatu. Kana keessatti jechamoonni ‘*gadaamessa dhabduu gadoomsii, harma dhabduu aannessi*’ jedhan kadhannaa dubartoonni yeroo dhabduuf Rabbiin kadhatan gadameessi dhabduu akka ulfa qabatu yookiin ulfooftuu fi harmi ishees akka aannan baasuuf jedhamanii kadhataman kanneen agarsiisaniidha. Kana malees, faaruun dubartii ilmoo dhabdeef jedhamee weeddifamu jiraachuu isaa Aadde Jamiilaa A/Boor ni eerti. Faaruun kunis akka itti aanutti dhiyaateera.

### **Ammoo tarii ammallee tarii yaamaaree**

Yaa qoccoo latii latii

Adaraa kiisoo keetii

Yaa Rabbi giiftiif nahi

Adaraa lookoo keetii yaamaaree

Qamaleen mucaa qabdi

Fudhattee mukaan labdii yaa maaree

Faaru ammootarii armaan olii keessatti dubartoonni ishee dhabduu taateef Rabbiin yeroo kadhatan Waaqni bineensaaf(Qamaleef) ilmoo kennite dhabduu kanaaf illee ilmoo kenni jechuun Rabbiin kadhatuuf. Afwalaloo da’umsaa kana keessatti malleen dubbii keessaa hinjirree dubbisuun dhimma itti bahameera. Fakkeenyaaf, dhabduuf yeroo kadhatan Rabbi akka waan bira jiruutti itti dubbatu. Garuu, qaamaan bira hinjiru.

Gama biraatiin, dubartoonni afwalalootti gargaaramanii dhabduuf kadhannaa gochuu qofaaf kan itti fayyadaman osoo hin taane, hamilee ishee ijaaruuf illee afwalaloon jedhamu jiraachuu isaa qorattuun adda baafatteetti. Afwalaloon kunis kan armaan gadiiti.

### **Ammootarii ammaalleetarii yaamaaree**

Anuu beeka akka abbaan manaa

Ishii deessuu jaallata

Ishii dhabde caalchisa

Wayyadha xureessiti

Ittoodha buusheessiti jedha yaa maaree

Akka faaruu armaan olii kanaatti hamilee dhabduu ijaaruuf yookiin dhala dhabuu isheetiin akka isheetti hin dhaga'amneef, abbaan warraa akka ishee jaallatu qulqullinaan fakkeessanii ibsuufi. Isheen deessuun daa'ima guddisuuf jecha qulqullummaa ishii eeggachuu dagatti akkasumas, mi'aan nyaata isheen qopheessituu dhandhama gaarii hin qabaatu jedhu. Kanaaf, abbaan warraa ishee deessuu caalaa ishee dhabduu caalchifata jedhu. Faallaa kanaa isheen dhabduun abbaan warraa ishee akka ishii irraa hin fagaanneef of mimmiidhagsitee nyaata mi'aawaa qopheessitee isa waan affeertuuf ishee caalchifata jedhu. Faaruu fi yaadni kun afgaaffii qorattuun Haadha Kanzii A/Garoofta gaafa guyyaa 25/7/2014 dhiyeessiteef irratti duubdeebii kennamee qaaceffameedha.

Afwalaloon armaan gadiis haawwan biroo dhabduun akka dhala argattuuf kadhata nama biraa eeguu qofa akka hinqabneefi ofii isheefis akka kadhachuu qabdu dhaamsa dabarsuufif kan jedhamee faarfamu agarsiisa. Kana jechuun kan dhala namaa kennu Rabbi erga ta'ee akkuma kan biraaf kenne anaafis maaf hin kennine jettee akka ishiin miiraan waaqa ishee kadhattu taasisa.

**Ammootarii ammaalleetarii yaamaaree(x2)**

Mee kottaa waliif gallaa yaamaaree

Kan deesseef sangaa qallaa

Kan dhabdeef ilmoo gannaa yaamaaree

**Ammootarii ammaalleetarii yaamaaree(x2)**

Yaa gufuu ququphanii

Dhagaraatu sin arginii yaamaaree

Yaa dhabduu dadallanii

Ciininfuutu sin arginii yaamaaree

Walumaagalatti, aadaa Oromoo keessatti dubartoonni akkuma deessuuf kadhata taasisanii, faarsanii hamilee kennuufiidhaan eenyummaa ishee ijaaran ishee ilmoo hinqabne(dhabduu) dhaafis akka Rabbiin araamee dhala isheef kennu kadhata taasisuun hamilee ishii jajjabeessu.

#### **4.5. Itti fayyadama afaanii fi Haalawwaan dubbii afwalaloo deessuu keessatti**

Malleen dubbii dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqaman walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu yookiin kaa'uudha. Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qabu. Kana ilaalchisee, Addunyaan (2014. f. 208) irratti yoo ibsu, “Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsuudha,” jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu akkuma olitti ibsame, malleen dubbii da'umsa keessatti kan hawaasni ergaa isaa karaa salphaa ta'een dabarfatuudha. Malleen dubbiitti gargaaramnee wantoota addunyaa dhugaa keessatti mul'atan argaa yaadaatii ilaalu, dhaggeeffachuu, qaqabachuu, xiinxaluu qalbii keenyatti ammoo dhiyaatanii akka mul'tan taasisuudha.

##### **4.5.1 Akkasaa**

Akkasaan wantoota guyya guyyaatti dubbannu keessatti waa waliin dorgomsiisnee dubbachuuf kan nu gargaaruudha. Kanas, Addunyaan, (2014, f. 208) yoo ibsu, “Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walbira qabuun dhiyeessuudhaan akka salphaatti hubatamu kan taasisuudha,” jedha.

Haadha Firaaf fi Haadha Maashaar afaanii isaaniif dhiyaate keessatti, malleen dubbii akkasaa itti gargaaramuudhaan dhabduu/maseena/fi deessuu walbira qabanii waaqa kadhatan jiraachuu isaa qorattuun afwalaloo isaan jedhan keessatti mirkaneeffatteetti. Afwalaloon isaan jedhan kunis akkaataa armaan gadiitti qaacceffameera.

Asham yaa deessuu, asham yaa deessuu  
Yaa maaram dhabduudhaa hin dhageessuu?  
  
Akka abbaa fardaa beekaa irraan gadee kaachisaa  
  
Akka abbaa warra beekaa niitii deessuu caalchisa  
  
Geengoo jedhee na cabsee gindoo na baachisaa  
  
Yaa maaram hundaaf giiftii rakkoo kiyya naaf hiiki  
  
Yookiin ilma naaf kenni beekaattan moggaafadha

Yookiin durba naaf kennii beektuuttan moggaafadha

Yookaan du'a naaf kennii waa'ee koon obbaafadhaa.

Akka ibidda Tulluu Maayigudoo gubbaa ta'i, gamaa gamanatti ifii.

Afwalaloo armaan olii kan irraa waanti hubatamu, namoonni dhabduudhaaf dhala kennuufii didde jedhanii waaqa komachuu isaaniifi ittin qabanii immoo waaqa akka isaan isheef kadhatanidha. Dhabduu/maseenni/ immoo ilmoo argachuu ykn duutee akka obbaafattu murtooshee nama hubachiisa. Malleen dubbii afwalaloo kana keessatti argaman (t.3) “*Akka abbaa fardaa beekaa irraan gadee kaachisaa*”fi (t.4) “*Akka abbaa warra beekaa niitii deessuu caalchisa*” toorri jedhaman kun, abbaan fardaa farda isaa irraan gadee kaachisuun isaa cimina qabaachuu isaa waan agarsiisuuf isaa waliin dorgomsiiisa. Akkasumas, akka abbaa warraa yemmuu jedhu abbaan warraa(dhirsii) ishee deessuu jaallata malee ishee dhabduu taate hin jaallatu. Kanaafuu, malleen dubbii kanatti gargaaramuudhaan ergaa isaanii karaa salphaa ta'een walbira qabanii ibsachuusaanii nama hubachiisa.

Afwalaloo armaan olii keessatti boo'oon dhuma irratti argamu immoo kan inni ibsu malleen dubbii akkasaatti gargaaramuun deessuu yemmuu eebbisan ilmaan hortee ilmaan isheetiin beekamtii akka argattu “Ibidda tulluu Maayigudoo gubbaa ta'i gamaa gamanatti ifi” jedhu. Deessuun deessee jirtu hawaasicha keessatti kabaja guddaa waan qabduuf wantoota gurguddaa ta'anii lubbuu hin qabnetti fakkeessuun ni jajamti. Abiddi uumamaan ni ifa, gaafa tulluu gubbaarraa ifu immoo ifni isaa kun namoota hunda biratti ni mul'ata; dubartiin deessuus hawaasicha keessatti akkuma ibidda sanaa akka isheen iftu, akka isheen namoota hunda biratti mul'atee jajamtuufi kabajamtu ibidda tulluurraa wajjin walbira qabee nu hubachiisa. Boo'oodhuma kana keessatti “Tulluu Maayigudoo” kan jedhu Tulluu guddaa kan Aanaa Oomoo Naaddaa keessatti argamu keesaa isaa guddaa dha. Kanaaf, tulluu kanaafi deessuu walbira qabanii dubbii qolaa akkasaatti gargaaramuun yaada isaanii ibsatu.

Walumaa galatti hawaasichi malleen dubbi akkasaatti gargaaramanii da'umsa dura, yeroo da'umsaafi da'umsa booda deessuu sanatti ittiin jajatus, ni jajjabeessus.

#### **4.5.2. Bakkasaa**

Bakkasaan maleen dubbii keessaa tokko ta'ee hojii isa tokkoo fuudhanii iddoo isa biraa buusuudha. Kanas, Addunyaan (2014, f. 210) yoo ibsu, “Bakkasaan fayyadama afaanii karaa



dhokataa ta'een wantoota waldorgomsiisa,” jedha. Kanaafuu, Aaddee Qamaruu Yaziid fi Hambarii A/Jihaad 26/08/2014 jedhanitti, “Dubartiin dhabduufi dubartiin deessuu hawaasicha biratti bifa garaagaraan ilaalamuu.” jedhu. Kanas akkasiin ibsu,

Ammoo tarii ammallee tarii,  
Da'ii mucaa baadhuu

Ammo tarii ammallee tarii

Haadha handaaqqoo ta'ii

Faffacaasaa nyaadhuu

Jalduu biiree ta'ii

Qomaa dugdaan baadhuu.

Ulmaa Leencaa ciisii!

Eebba armaan olii keessatti buufata jalqabaa irraa waanti hubatamu, haala naannoo jiruun ykn wanta hawaasichaa keessa jiruun qabani akka deessuun hortee qee'ee baal'aa godhattu fakkeenya garaagaraatiin deeggaranii akka isaan eebbisan kan ibsu yemmuu ta'u, buufatuma weedduu kana keessatti malleen dubbii bakkasaatti gargaaramuudhaan, toora 4ffaa “Haadha handaaqqoo ta'ii” kan jedhu hiikni isaa, deessuu sana bakka handaaqqoo buusuun akkuma handaaqqoon cuucii baay'ee godhattee wajjin dhangaa nyaattu, atis ijoollee baay'ee horii wajjin baay'adhuu nyaadhu kan jedhu ibsa. Toora 6ffaa irratti “Jalduu biiree ta'ii” kan jedhu, akkuma jaldeessaa lapheefi dugdatti baatu, atis akkasuma baay'isii horii lapheefi dugdaatti baadhuu ergaa jedhu nama hubachiisa. Kanaafuu, weedduun kun kan mul'isu gammaachuu miira itti dhaga'ame sana karaa ittiin weeddisanii deessuu saanaa ittiin faarsanii ibsatan irraa hubanna.

eebba armaan olii keessatti boo'oon dhumaa kan ibsu: iddoo gaarii, iddoo aara galfii cisii yookiin sodaa tokko malee boqodhu yaada jedhu ibsa. Karaa biraatiin malleen dubbii bakkasaatti gargaaramuudhaan “bakka leencaa ciisi, kabajamii” ergaa jedhu qaba. Sababiin isaa leenci human isaa abdata waan ta'eef yemmuu ciisu sodaa tokko malee, naasuu tokko malee boqota. Kanaafuu, ergaan kun illee kanatti faakkeeffamuudhaan deessuu sana jajjabeessuuf, fayyadama afaanii kana itti gargaaramu.

#### **4.5.3. Hinjirree dubbisuu**

Hinjirree dubbisuun gosa dubbii qolaa ta'ee waan ijaan arguu hin dandeenyeefi waan nama bira hin jirree tokko waamuu yookiin waliin dubbachuu jechuudha. malleen dubbii kana keessatti kan

itti dubbatan sun nama yookiin wanta nama bira hin jirree fi kan nama dhagahee deebii namaaf deebisuu hin dandeenyeedha. Hawaasni Aanaa Oomoo Naaddaas afwalaloo da'umsaa keessatti malleen dubbii kanatti akka gargaaramu Aadde Burtukaanii Adam fi Haadha gaafa guyyaa 15/08/2014 tti deessuuf Waaqa kadhachuu faaruu isaan jedhan irraa hubachuun ni danda'ama.

Yaa Rabbi sillee sillee

Deessuun ciniinfuu hinjiillee

Utuu ciniinfuu jiltee

Dhirsaa isii hinqanansiiftuu

Harka isii hin hammachiiftu yaamaaree

Ulfa garaadhaa qabdii

Deessee of jalaa qabdikaa yaamaaree jedhu.

Afwalaloo armaan olii keessatti qaama isaan bira hin jirre waamanii yeroo isaan itti dubbatantu mul'ata.

#### **4.5.4. Jechama**

Jechamni yaada dhokataa of keessaa qabuun sammuu namaa kan qaruudha. Kanaafuu, jecha, gaalee fi hima qofaa dhaabbatee yaada bal'aaf sammuu namaa affeeru jechuun ni danda'ama. Jechamni akkuma jiruun hiika fuulduraa fi duubaa qaba. hima keessa yoo gales, qofaa yoo dhaabbates hiika dhaanquu qabatee tura. Yeroo baay'ee hiika dhokataa sana mul'isuuf himama. Bu'uuruma kanaan hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa afwalaloo da'umsaa keessatti jechamoota adda addaa da'umsa dura, yeroo da'umsaafi da'umsa booda itti gargaarama. Kana ilaalchisuun Haadha Kumaa A/Boor fi Aadde Kumea/Jamaal gaafa guyyaa 05/08/2014 akka jedhanitti, "Waa'ee deessuu tokkoo yeroo dubbatan kalaattiidhaan hindubbatani," jadhu. Kanaafuu, deessuu sanaa ibsuufis ta'ee faaruu ammootarii keessatti jechamatti gargaaramuudhaan yaada isaan ibsan akka armaan gadiitti qaaccееffameera.

**A. Deessuu taadhii:-** Dubartii daddaftee deessu. Kunis, osoo daa'ima ofharkaa qabdu hin guusiin daftee irratti ulfaa'uusheeti. Yeroo kan deessuu akkas daddaftee deessu taadhiidha jedhamee fudhatama.

- B. Dhabduudha:-** Maseena yookiin dubartii dhala hin qabne jechuudha. Dubartii maseena taate immoo hawaasicha biratti kabaja hin qabdu, qofaadha.
- C. Dadhabbii qabdi:** Dubartii ulfoofttee jirtuudha. Dubartiin kun ulfa waan garaa qabduuf, hojii ulfaataa hojjiichuu hin dandeessuu kan jedhu ittiin ibsuuf dha.
- D. Garaatti baatti:** Ulfoofttee jirtii jechuudha. Kunis ergaan isaa kaba ulfa sanaaf qaban mul'isuufidha.
- E. Hiikamte:** Deesseetti ykn ofkalteetti kan jedhu ibsa. Yeroo ulfa taatee jirtu akka waan dhiphina keessa turteetti fudhatamti. Sababiin isaas, akkatasaa lubbuun ishee da'umsarratti darbuu danda'a jedhanii waan yaadaniif Kanarraa ka'uun, бага hiikamte jedhanii ebbisuun gammachuu isaanii akka ibsatan kanarraa hubachuun ni danda'ama.
- F. Ciniinfatte:** Deessuun tokko ji'a sagal garaatti baatee gaafa da'uuf jettu dhukkubbiitu itti dhagahamuudha. Kunis, ergaan isaa da'uuf akka taate dhukkubbii kanaarraa hubachuun ni danda'ama.
- G. Obbaate:** Hiikni isaa ofkalte jechuudha. Ergaan isaa mucaan garaatii baatee deessuun sun nagaan hiikamuu ishee nuhubachiisa.
- H. Sabbata hiikuu:-** Deessuu tokko ciniinsuun gaafa qabu dubartoonni olla sabbata mudhiitti hidhatanii qaban ni hiiku. Kunis ergaan isaa sabbata kana hiikneerra Rabbi si haa hiiku yaada jedhu ofkeessaa qaba. Kanaafuu, sabbata yoo hiikan akka isheen hiikamteetti fudhatu.
- I. Daatii:** Dubartii deessee kurnan hinbaasneedha. Ergaan jechama kanaas kan ibsu, deessuu sun eegumsaafi kunuunsa guddaan akka ishee barbaachisu ergaan isaa nuhubachiisa.

Jechamoonni armaan olitti tarreeffamanii hiikni isaanii itti kenname afwalaloowwan armaan dura mata dureewwan Boqonnaa afur jalatti argaman garaagaraa keessatti kanneen ka'aa turaniidha.

Walumaagalatti, hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa afwalaloo da'umsaa keesatti jechamoota adda addaa da'umsa dura, yeroo da'umsaafi da'umsa booda waa'ee deessuu sanaa

ibsuufis ta'ee hamilee ishee ijaaruuf faaruu ammootarii keessatti jechamatti gargaaramuudhaan yaada isaan ibsatu.

## **BOQONNAA SHAN: GUDUUNFAA, ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA**

### **5.1 Guduunfaa Qorannichaa**

Qorrannichi boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaate yeroo ta'u, boqonnaa tokko keessatti Afaan Oromoo afaan hojiiifi barnootaa erga ta'ee as dirreewwan hojii adda addaa keessatti itti fayyadamni afaanii garaagaraa jiraachuu isaafi iddoo itti fayyadamnu irratti hundaa'uun garaagarummaan afaanii akka uumamu ibsamee jira. Kaayyoon qorannoo kanaas, Itti fayyadama Afaanii Afwalaoo da'umsarraatti maal akka fakkaatu xiinxaluun dhimmoota itti fayyadama afaanii waliin wal qabataniifi afaan itti gargaaraman waliin qaban furmaata kaa'uuf akka gaggeeffamu ibsameera. Boqonnaa lama keessatti yaadrimeewwan itti fayyadama afaanii keessaayyuu afwalaloo waliin walqabatan irratti sakatta'i barruu, qorannoowwan walfakkiifi yaadxinni qorannoo kanaa ibsameera. Kunis, yaadolee gooroo afoolaa keessaa afwalaloo waliin walqabatan ta'ee, afwalaloo da'umsaa, faayidaama afaanii jechuun maal akka ta'ee fi fayyadama afwalaloo eenyummaa deessuu ibsuuaskessatti dhiyaateera. Sakatta'i barruu aantees xiinxala kana keessatti ilaalameera. Malli qorannoo, iddattoofi meeshaan funaansa ragaa, akkasumas malli qaaccessa ragaa boqonnaa sadii keessatti qindaa'eera. Qorannicha galmaan ga'uuf qorattuun saxaxa qorannoo ibsaa(addeessaa) bu'uureffachuun gosa qorannoo Akkamtaa (Qulqulleeffataa)tti dhimma baatee jirti. Tooftaa iddatteessuu qorattuun fayyadamuun iddattoowwan filattes mala iddatteessuu miticarraa keessaa iddatteessuu kaayyeffataatti fayyadamtee odeeffkennitootarraa raga sassaabbatte. Ragaa sassaabame kanas kutaa adda addaatti qooduun akkaataa qabiyyee isaa waliin duraa duubaan xiinxalameera.

### **5.2 Argannoo Qorannichaa**

Qorattuun qorannoo kana yeroo gaggeessitu haala fayyadama afaanii afwalaloo da'umsarratti hawaasni Oromoo Aanaa Oomoo Naaddaa itti gargaaramaa jiru ilaalchisee, ragaa odeeffkennitoota irraa argatteefi xiinxalteen waantoota bira ga'aman fayyadama afaanii afwalaloo da'umsa duraa, yeroo da'umsaa, da'umsa boodaa, fayyadama afaanii afwalaloo eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti kan jedhuufi afwalaloo hamilee deessuu durba qofa deesse jajjabeessuuf jedhamu kan jedhu qaaccessuun argannoolee argaman akka itti aanutti ibsamani jiru.

- ❖ Hawaasni Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa afwalalootti gargaaramee hamilee dubartii dubara deessee fi ilma dhiiraa deessee kan jajjabeessuufi kan faarsu ta'us, itti

fayyadamni isaa sababoota kanneen akka dhiibbaa amantii, dhiibbaa siyaasaa fi qaroominaa irraa kan ka'e gadi bu'aadha.

- ❖ Itti fayyadamni afwalaloo deessuu da'umsa irratti deessuu ittiin faarsuuf qofa kan tajaajilu osoo hin taane, dhalli argames/tes faayidaa inni/isheen deessuuf argamsiiftu mul'isuuf illee kanneen faarfaman jiraachuu isaa oqranoo kanaan bira gahameera.
- ❖ Gama biraatiin dubartoonni itti fayyadama afaanii afwalalootti gargaaramanii dhabduuf kadhannaa akka godhanii fi hamilee ishee ijaaruuf illee afwalaloon jedhamu jiraachuu isaa qorannoo kana keessatti adda baheera. Akkasumas, gaheen itti fayyadama afaanii afwalaloo eenyummaa deessuus ta'ee hamilee dhabduu ijaaru keessatti qabu dagatamaa akka dhufes qorannoo kanaan adda baheera.
- ❖ Fayyadama afaanii afwalaloo da'umsa irratti dubbii qolaa fi jechamoota adda addaa gagaaramuun akkaataa itti Rabbi [Maaram] jajaniifi deessuu jajan namoota amantaa musliimaa hordofaa jiran tokko tokko biratti fudhatamummaan isaa garaagara waan ta'eef ilaalcha adda addaa akkawaliif qaban hubatameera.
- ❖ Uumama waaqaa addaan qooduun dhiiraafi dubara gidduutti walcaalmaan fayyadama afaanii afwalaloo da'umsa irratti itti gargaaraman ilaalcha dogoggoraa hawaasichi qabu ta'ee mul'ateera.
- ❖ Yeroo ammaa kana deessuun gaafa deessu ogeessaa yaalaa biratti waan deessuuf fayyadamni afaanii afwalaloo yeroo da'umsaa dhimma itti ba'amaa jiru, dhaloota ammaa biratti akka irraaffatamaa jiru qorannoo kanaan mirkanaa'eera
- ❖ Itti fayyadama afaanii afwalaloo da'umsaa keessatti akkataa hawaasni deessuu itti faarsuu gaarii ta'uuyyuu, Amaantaa hawaasni hordofuu sana biratti guyyaa shan lakka'uufi akkaataa kadhannaa sanatu rakkoo akka qabu bira gahamera.

### 5.3 Yaboo(Yaada Furmaataa) Qorannichaa

Hawaasni Aanaa Oomoo Naaddaa akkuma uummata Oromoo kanneen biroo aadaafi duudhaa eenyummaa isaa ibsan kan qabuufi yeroo dheeraaf kan itti jiraataa jiruudha. Duudhaa kanas kunuunsee dhaloota itti aanuuf kan dabarsaa jiruudha. Adeemsa qorannoo kana keessatti waantonni hubatamaniifi bira ga'aman akkuma jiranitti ta'ee, karaa biraatiin waantoonni fuulduraaf xiyyeeffannoo argatanii hojjetamuu qabanis akka jiran asirratti kaasuun barbaachisaadha. Kanaafuu, qorattuun kun dhimmoota xiyyeeffannoo argachuu qaban jette akka itti aanutti ibsitee jirti.

- Dhaloonni amma jiran kunneen amantaafi aadaan akka waan waldhiibuutti fudhatu. Kanaafuu, ilaalchi amantaa fi aadaa akka walitti araaramanii deemuu danda'an yookiin wanti/jechi amantaa falleessuu sirreeffamee hawaasa hubachiisuun osoo yeroo da'umsaa irratti wantoota raawwataman kana dhaloota itti aanutti dabarsanii baay'ee gaariidha.
- Yeroo ammaa kana dhaloota boodanaa biratti fayyadamni afaanii afwalaloo da'umsaa eenyummaa deessuu ijaaroo keessaatti gahee inni qabu waan dagatamee jiruuf, haawwan, qorattoonni aadaafi seenaa hirmaannaa taasifamuu qabu gochuun namoota kanaaf hubannoo osoo kennan ni milkaa'a. Aadaan kunis hin dagatamu kan jedhu yaada qorattuun kun qabduudha.
- Akka hawaasa aanichaatti namoonni deessuu sana dubbisuufis ta'ee eenyummaa deessuu ijaaroo keessatti qooda guddaa kan qaban haadholii buleeyyii waan ta'aniif dhaloonni ammaa fayyadama afaanii afwalaloo da'umsaa irratti itti gargaaraman xiyyeeffannoo itti kennaa hin jiran, hirmaannaas hin qaban. Kanaafuu, dhimmi kun karaa haawwan maanguddoo ta'aniis ta'ee karaa aadaafi turiizimii aanichaa yeroo yerootti hubannoo osoo hawaasichaaf kennamee gaariidha.

## Wabiilee(References)

- Abarraa Nafaa. (1995). *Wiirtuu Jiildii 6ffaa Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*.  
Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa
- Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*.Mega Printing Press.
- \_\_\_\_\_. (2011). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti*: Finfinne  
Effience printing press.
- \_\_\_\_\_. (2016). *Semmoo: Bu'uuraalee Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*.  
Finfinnee.
- \_\_\_\_\_. (2018). *Seemmoo Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Printed by  
Far East Trading Plc.
- Askaalee Tarfaa. (2013). "*Qaaccessa Qabiyyee fi Kabaja sirna Ayyaana Da'umsaa*". Yunvarsitii  
Finfinnee. Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa kan hin maxxanfamiin.
- Alevisso.M.(2004). *Organizational Culture and Discourse*. In D.Grant.C.oswick & L.L puntam  
(ED). *The Sage Hand Book of Organizational Discourse* (pp317-335) Thousand  
oak, CA: sage.
- Asafaa Tafarraa. (2004). *Theorizing the present to wards a sociology of Oromo literature*: Jaarsoo  
poetry. Finfinnee: Branna Interprise.
- Bauman, Richard (Ed.).(1992). *Folklore, Cultural Performances, and Popular Entertainments*. A  
Communications-centered Handbook. New York Oxford: Oxford University Press.
- Berhanu Mathewos .(1999). *Fundamentals of Literature*.3rd Edition Addis Abeba.Addis Abeba  
University Press.
- Birhaane Margaa.(2010). "*Faaruu dubartootaa da'umsaan booda mana dubartii deessetti  
faarsan*." Yunvarsitii Finfinnee. Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa kan hin  
maxxanfamiin.
- Bukegna, A., Kabira, W. M. & Okombo, O. (1994). *Understanding Oral Literature*. Nairobi:



- Nairobi University press.
- Clark, H.(1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Cook, G.(2010). *Translation in Language Teaching: An argument for Reassessment*. Oxford: Oxford University Press.
- Crystal D.(1997). *English as a global language*, Cambridge: Cambridge University Press.
- Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo*. Addis Ababa: Dhaabbata Maxxansaa Bolee.
- \_\_\_\_\_. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee, Univarsiitii Addis Ababaa: Mana Maxxansaa Boolee.
- Devid E. Gray (2004). *Doing Research in the Real World*. London: SAGE Publication Ltd.
- Dirribi Damuusee.(2009). *Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa Seenaafi Amantaa Oromoo*. Finfinnee. D.G. Printing and Publishing Enterprise.
- Dan. Ben Amos, (1982). *Folklore in Context*. New Delhi adras: South Assian Publishers.
- Dorson,R.(1972). *The concepts of Folklore and Folklore Studies*. USA: Chicago University Press.
- Eshete Gemedi. (2007). *African Society and Egalitarian Values: Oromo Folklore Literature and Cultural Studies in a Contemporary Context*. PhD Thesis, Syddansk University.
- Farley .J.E. (2003). *Sociology*.(5<sup>th</sup> ed.) Upper saddle River.NJ: prentice Hall
- Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Subi Printing press.
- \_\_\_\_\_. (2019). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: ADP Press.
- Fekade Azeze.(1991). *Introduction to oral Literature*. Artistic Printing Enterprise.
- \_\_\_\_\_. (2000). *The State Oral Literature Research in Ethiopia: Retrospect and Prospect*. (Unpublished)
- Finch,G.(2003). *How to study linguistics: A guide to understand language*(2nd.ed). Addis Ababa

Ethiopia.

Filee Jaalataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo. Raajii*: Finfinnee.

Finnegan, Ruth. (1970). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University Press.

Goldman-Rakic, p.s.(1998). *The perfrontal land scape :implication and of functional Architecture for understanding human mentation and the central executive in A.C.*

Robert W.T. Robbinsetal. *The perforental cortex: executive and* New York: Oxford University press.

Halliday, M.A. (1994 ). *An Introduction to Functional Grammar* .(2nd edition) London Amoid.

Hudson .R.A . (1996 ). *Socio- Linguistics* (2n ed.0 Cambridge; Universty Press.

Johnstone, B. (2008). *Discourse Analysis* (2nd edn). Oxford Black well.

Kennedy, x. J.(1987). *Leterature Introduction to Fiction, poetry and Derama* (4th ed) United State of America.

Kothar,C.R.(2010). *Reaserch Methodology. Methods and Techniques*, 2ed New Dellic Newage International Publisher Ltd

Liulseged Erikum. (1994). *Language Use in Resettlement Sites. The Case of Angerguttin, Dimtu, Ilu Aba Bora and Gambela*. In Bahiru Zewude etal (eds.) Preceding Of the Eleventh International Conference of Ethiopian Studies. Addis Ababa:Institute of Ethiopian Studies.

Mehl,M.(2003). *psychological aspect of natural language: Our words ourselves*. Austin: Un.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoolaa, Ogafaaniifi Af-walaloo Oromoo*.Finfinnee: Oromiyaa.

Nagarii Leencoo.(1993).*Wiirtuu (Jil.6).Barulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee, Biiroo Aadaa fi Beeksisa Oromiyaa.(Jil.6).

Newman.L.W. (2007). *Basic social Research.Qualitative and Quantitative Approaches* (2nd ed.) Bost Peason Educailliral IC.

Okepewho, I.(1992). *Africa oral Litureture: Background, character and countinity*.

Bloomington: Indian University press..

Sims, M. (2005). *Living Folklore. An Introduction to the Study of People and their Traditions*. London: Utah State University press.

Sumner. C. (1997). *Oromo Wisdom Literature: Volume 2 Songs collection and analysis*. Addis Abeba: Gudina Tumsa Foundation.

Wasanee Bashaa.(2000).Bantuu Haaraa: caaslugaa fi og barruu Afaan Oromoo.Finfinnee Oromiyaa.

Wolf, E.(2000). “*Language and Society*”. In Heine,B. and Nurse, D.(eds.) *African Languages: An Introduction*. Cambridge University Press.

Wubaayyoo Olaanii, (2011). *Qaaccessa Ergaa Faaruu Haadha Deessuu Mul’isan: Aanaa Ada’aa Bargaa*. Qorannoo Digirii Lammaffaa. Kan hin maxxanfame.

## Dabalee “A”

### Yunvarsiitii JimmaaKoolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Humaaniitii Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruu

#### Gabatee 1 Namoota Afgaaffii irratti hirmaatanii odeeffannoo kennan.

T/L	Maqaa Namoota	Saala	Umurii	Ganda	Guyyaa	Gahee Hojii
1	Yasribaa Abdoo	Du	39	Waqtolaa	17/07/2014	Haadha manaa
2	Haadha Firaa A/Olii	Du	67	Waqtolaa	04/08/2014	Haadha manaa
3	Haadha Maashar A/Jabal	Du	56	Waqtolaa	04/08/2014	Haadha manaa
4	Aadde Aayishaa A/Tamaam	Du	37	Waqtolaa	17/07/2014	Haadha manaa
5	Aaddee Qamaruu Yaziid	Du	50	Biisoo Gomboo	26/08/2014	Haadha manaa
6	Hambarii A/Jihaad	Du	42	Biisoo Gomboo	26/08/2014	Haadha manaa
7	Aadde Jamiilaa A/Boor	Du	39	Biisoo Gomboo	08/08/2014	Haadha manaa
8	Haadha Kanzii A/Boor	Du	33	Biisoo Gomboo	25/07/2014	Haadha manaa
9	Aaddee Burtukaan Adam	Du	36	Sayyoo Adaamii	15/08/2014	Haadha manaa
10	Haadha Kumaa A/Boor	Du	29	Sayyoo Adaamii	05/08/2014	Haadha manaa
11	Aaddee Kumee Jamaal	Du	52	Sayyoo Adaamii	05/08/2014	Haadha manaa
12	Haadha Kaamiil A/Boor	Du	43	Sayyoo Adaamii	05/08/2014	Haadha manaa

**Gabatee 2 Namoota Marii Garee xiyyeeffatamaa irratti hirmaatanii odeeffannoo kennan.**

T/L	Maqaa Namoota	Saala	Umurii	Ganda	Guyyaa	Gahee Hojii
1	Haadha Sharaf A/Naannoo	Du	55	Waaqtolaa	04/08/2014	Haadha manaa
2	Faaxumaa A/Biyyaa	Du	38	Waaqtolaa	04/08/2014	Haadha manaa
3	Lubaabaa Jamaal	Du	35	Waaqtolaa	04/08/2014	Haadha manaa
4	Moominaa Kamaal	Du	34	Waaqtolaa	04/08/2014	Haadha manaa
5	Zakiyyaa A/Gissaa	Du	36	Waaqtolaa	04/08/2014	Haadha manaa
6	Zumaraa A/Jihaad	Du	32	Waaqtolaa	04/08/2014	Haadha manaa
7	Rahaa Awwal	Du	30	Sayyoo Adaamii	25/07/2014	Haadha manaa
8	Maashoo H/Taajuu	Du	40	Sayyoo Adaamii	25/07/2014	Haadha manaa
9	Birqiisaa Abdulwaahid	Du	35	Sayyoo Adaamii	25/07/2014	Haadha manaa
10	Alawiyaa Naajii	Du	37	Sayyoo Adaamii	25/07/2014	Haadha manaa
11	Sabahii A/Rashaad	Du	36	Sayyoo Adaamii	25/07/2014	Haadha manaa
12	Miskuu A/Diggaa	Du	39	Sayyoo Adaamii	25/07/2014	Haadha manaa
13	HaadhaQoroo A/Luleessaa	Du	50	Biisoo Gomboo	26/07/2014	Haadha manaa
14	HaadhaKanzii A/Sharaab	Du	58	Biisoo Gomboo	26/07/2014	Haadha manaa
15	Qamariyyaa Zeenuu	Du	34	Biisoo Gomboo	26/07/2014	Haadha manaa
16	HaadhaQaasim HajiZeenuu	Du	56	Biisoo Gomboo	26/07/2014	Haadha manaa
17	Yaaqumee A/Duraa	Du	40	Biisoo Gomboo	26/07/2014	Haadha manaa
18	HaadhaMadad A/Jihaad	Du	43	Biisoo Gomboo	26/07/2014	Haadha manaa

## Dabalee “B”

### Yuunivarsitii Jimmaa Koolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Humaaniitii Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruu

#### Odeeffannoo Argachuuf Afgaaffilee Qophaa’an.

Kaayyoon afgaaffii kanaa, barnoota Afaan Oromoo fi Ogarruutiin sagantaa idilee digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree, ’’Xiinxala itti Fayyadama Afaanii Afwalaloo deessuu Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa’’ ilaalchisee odeeffannoo funaanuuf, kanaafuu, hirmannaan isin taasiftanu qorannoo kanaaf bu’aa ni buusa jedhamee abdatama

Maqaa Guutuu-----

Saala -----

Umurii -----

Hojii -----

#### Gaaffilee armaan gaditti akkataa gaafichaa irratti hundaa’uun afaaniin deebii kenni.

Hawaasni Naannoo kanaa deessuu yeroo faarsu haalawwaan duubbii akkamitti fayyadama?

1. Afwalaloon hawaasni naannoo kanaa deessuu faarsuuf gargaaramu Eenyummaa deessuu akkamiin ibsa?
2. Deessuu faarsuu keessatti afwalaloon yookiin faaruun hawaasni naannoo kanaa gargaaramu Afaan hawaasni guyyuu gargaaramu irraa maaliin adda ta’a?
3. Afwalaloon deessuu naannoo kanatti ni farfamaa? Yoo ni farfama ta’e, yeroo akkamii fi eessatti farfama?
4. Faayidaan afwalaloo deessuu kun hawaasichaaf qabu maali?
5. Afwalaloo deessuu kan beektu mee natti himi?
6. Afwalaloo dubartii dhiira deessee fi dubara deessee jedhamu garaagarummaa qabaa?
7. Afwalaloo deessuu jechuun maal jechuudha?
8. Afwalaloon deessuu kun maaliif faarfama? Eenyufaatu faarsa?

## Dabalee “C”

### Yuunivarsitii Jimmaa Koolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Humaaniitii Damee Barnoota Afaan Oromoo Fi Ogbarruu

#### Odeeffannoo Argachuuf Gaaffilee Marii Garee Xiyyeeffatamaaf Qophaa’an.

Kaayyoon marii garee xiyyeeffatamaa kanaa, barnoota Afaan Oromoo fi Ogarruutiin sagantaa idilee digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree, ”Xiinxala itti Fayyadama Afaanii Afwalaloo deessuu Godina Jimmaa Aanaa Oomoo Naaddaa” ilaalchisee odeeffannoo funaanuuf, kanaafuu, hirmannaan isin taasiftanu qorannoo kanaaf bu’aa ni buusa jedhamee abdatama.

Maqaa Guutuu-----

Saala -----

Umurii -----

Hojii -----

**Gaaffilee armaan gadii irratti erga mari’atanii booda yaada keessan ibsa afaaniin naaf kennaa.**

1. Hawaasni afwalaloo deessuu haalawwaan dubbii akkamitti fayyadamuun faarsa?
2. Afwalaloon deessuu Eenyummaa ishee akkamitti ibsa?
3. Weedduun yookiin afwalaloon dubartii dhala dhabdee jedhamu jiraa? Mee maal jedhamee faarfama?
4. Afwalaloon deessuu akkataa kamiin dhiyaata?
5. Sababiin itti fayyadama afwalaloo deessuu laafaa(dagatamaa) dhufeef maali jettanii yaaddu? Furmanni isaa maali jettu?
6. Itti fayyadama afwalaloo dubartii deessuu Aanaa kanaa ilaalchisee yaada qabduu?

## Dabalee “D”

### Suuraa Namoota Afgaaffiin Dhiyaateef keessaa Muraasa





## Dabalee “E”

### Suuraa Namoota Marii Garee Xiyyeeffataa Irratti Hirmaatan keessaa Muraasa



## **Waraqaa mirkanneeffannaa**

Ani qorataan / qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura Yuunivarsitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhihaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkanneessa.

Maqaa \_\_\_\_\_

Mallattoo \_\_\_\_\_

Guyyaa \_\_\_\_\_